IslamHouse.com



Oromo
Oromoo
أورومو

التوحيد وأركان الإسلام والإيمان

# TOWHIIDA UTUBAALEE ISLAAMAA FII IIMAANAA

Qopheessaa

**Shekh Jamaal Shekh Muhammad**

OROMO
OROMOO
أورومو

# التوحيد
# وأركان الإسلام والإيمان

تأليف
الداعية جمال محمد أحمد

OsoulCenter
www.osoulcenter.com

This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.

+966 504 442 532
+966 11 445 4900
+966 11 497 0126
P.O.BOX 29465 Riyadh 11457
osoul@rabwah.com
www.osoulcenter.com



Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

# BAAFATA


| | | |
|---|---|---|
| 1 | Seensa | 9 |
| 2 | Tolina amantii islaamaa | 11 |
| 3 | Utubalee islaamaa | 21 |
| 4 | Utubaalee iimaanaa | 33 |
| 5 | Ibaadaa fi hiikkaa isi | 49 |
| 6 | Towhiidaa fii qooda isaa | 55 |
| 7 | Towhiida maqaalee fi sifaataa | 55 |
| 8 | Walaloo towhiidaa | 58 |
| 9 | Shirkiin badii guddoodha | 61 |

# SEENSA

الحمد لله رب العالمين الصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي آله وصحبه أجمعين.

Eegaa Mslima hundarratti barnoota bu’uraa kan islaamaa barachuun dirqama beekamaadha. Kanaaf waayee towhiidaa, utubaalee islaamaa, utubaalee iimaanaa, barachuun barbaachisaadha.

Kitaaba kana keessatti barnoota kanneen bal’inaan argattu. Afaan keenya kan oromootiin waan qophaaweef nama hundaafuu dubbisanii irraa barachuun laafaadha.

**Akkuma Walaloo tiyya keysatti jedhetti:-**

BismiLlaahiidhaan jalqabeeti.

Alhamdu liLlaah itti anseeti .

Nagayaaf rahmata nabbi buuseeti .

Aaliif sahaabaa hunda saaniitii.

Amma ba’idu kanatti aanseetii .

ya obboleyyan muslimaatii.

Isiniin jaaladhaa Rabbiif jedheeti.

Dhufee waan qabu isinii fideetii.

Kunoo gaa wanni qabu tan ani isinii fide kitaaba kanaa narraa qeebalaa.

Gama kaaniin Kitaabni kun mata duree barnootaa Asii gadii kana uf keessaa qaba.

Tolina amantii islaamaa.

Utubaalee (arkaana) islaamaa,

Utubaalee (Arkaana) iimaanaa,

Hiikkaa ibaadaa,

Barnoota towhiidaa,

Hammeenya shirkiitii.

Ammas kitaaba kana wanni adda isa godhu walaloolee mi'ooytuu adda-addaa uf keessaa qabaachuu isaati. fakkenyaaf walaloo arkaana islaamaa, ta arkaana iimaanaa, ta towhiidaa, isiniif dhihaattee jirti.

Dubbisaa irraa fayyadamaa.

Egaa Rabbii nugargaare nigalatoomfanna Alhamdu lillaahi Rabbil aalamiin.

فنسأل الله أن ينفعنا بهذا العمل وكل من شارك فيه, والحمد لله رب العالمين.

Egaa hojii teenya tana tan buaa qabduufii tan ummata fayyaddu Rabbi nuuf haagodhu.

**Shekh Jamaal shekh Muhammad Abbaa xaalib**
**Shekhjemal@yahoo.com**
**00966505697461**
**Riyaad sawdii arabiya**





# TOLINA AMANTII ISLAAMAA

Diin islaamaa Amantii dhugaati. filatamtuu, jaalatamtuu, guutamtuudha. kanarratti Rabbiin s.w akkana jedha.

﴿ٱلْيَوْمَ يَئِسَ ٱلَّذِينَ كَفَرُوا۟ مِن دِينِكُمْ فَلَا تَخْشَوْهُمْ وَٱخْشَوْنِ ۚ ٱلْيَوْمَ أَكْمَلْتُ لَكُمْ دِينَكُمْ وَأَتْمَمْتُ عَلَيْكُمْ نِعْمَتِى وَرَضِيتُ لَكُمُ ٱلْإِسْلَٰمَ دِينًا﴾ [المائدة: ٣]

***"ar'aan tana warren kafaran amantii teeysan (miidhurraa) garaa muratanii jiran. Egaa isaan hinsodaatinaa anuma sodaadhaa, arr'aan tana amantii teessan isiniif guute, qananii tiyyas isinirratti guute, amantummaaf islaama isiniif jaaladhe."*** (Almaaidah 3)

Qabxiilee itti aanu kana laaluun diin islaamaa filatamaa caalaa fii gutaama tahuu isaa hubachuun nidandayama.

Sanneen keessaa:-

أن المسلم يعبد الله إله واحد لا شريك له، له الأسماء الحسنى والصفات العلى فتتوحّد وجهة المسلم وقصده ويثق بربّه وخالقه ويتوكّل عليه ويطلب منه العون والنّصر والتأييد.

Muslimtichi Rabbii tokkicha haqaati gabbara. Rabbii dachiif samii uume, tokkicha shariika hinqabne, kan maqaalee gaggaarii faarfamaa qabu, kan sifaata kabajamtuu qulqullooftuu qabu, muslimtichi Rabbii isaa kanatti amana. Isuma qofa gabbara, isuma qofa kadhata, isumarratti qofa irkata, isuma qofarraa gargaarsaafi tumsa kadhata.

وهو يؤمن بأنّ ربه على كلّ شيء قدير لا يحتاج إلى زوجة ولا ولد خلق السموات والأرض وهو المحيي والمميت.

Muslimni ni’amana Rabbiin isaa waan hundarratti dandayaadhaa. Rabbiin oltahe jaartiifii ilmoo qabaatutti hinhaajamu, kana hundarraa guddatee, qulqullaayee oltahee jira. Rabbiin isuma kan samiif dachii uume, kan jiraachisuufii kan ajjeesus isa qofa.

الخالق الرازق فيطلب العبد منه الرزق السميع المجيب فيدعوه العبد ويرجو الإجابة التواب الغفور الرحيم فيتوب إليه العبد إذا أذنب وقصّر في عبادة ربّه.

Muslimni ni amana Rabbiin isaa isaatu uumamtoota hunda uumee, isaatu hiree (rizqii) kennaa, nidhugaoomsa. Tanaaf rizqii Rabbi kadhata, Rabbii dhagayaa, argaa tahe kan waan gabroonni isaa isa kadhatan dhagayee qeebaluuf. Rabbiin araaramaadha, dhiifama godhaadha waan taheef gabrichi yoo dogoggoree balleessaa hojjate Rabbuma isaa kana araar kadhata, towbaan gara isaa deebia.

العليم الخبير الشهيد الذي يعلم النيات والسرائر وما في الصّدور فيستحيي العبد أن يقترف الذّنب بظلم نفسه أو ظلم الخلق لأنّ ربّه مطّلع عليه وشاهد.

Muslimni niamana Rabbiin keenya beeka hubataa akeekkataa tahuu isaa. Rabbiin waan namni gadi dhooyse yaadu nibeeka. Kanaaf gabrichi yeroo hundaa badii balleessuu dilii hojjachuurra Rabbiin kiyya na arga je’ee qaanfatee dhiisa. Balleessaa yaadee itti kae san irraa deebi’a.

وهو يعلم أنّ ربّه حكيم يعلم الغيب فيثق في اختيار الربّ له وقدره فيه وأنّ ربّه لم يظلمه وأنّ كلّ قضاء قضاه له فهو خير وإن غابت الحكمة عن العبد.

Muslimtichi ni dhugaoomsa Rabbiin isaa beekaadhaa,





ogeessaa, kan waan mul’atuufee waan fagaatellee hunda beekuudha. Kanarraa kauudhaan waan Rabbiin isaa qoode nijaalata, yoo hamtuun isatti buute ni oobsa, akka Rabbiin irraa deebisu isuma kadhata, yoo gaariin isaaf dhufte Rabbiin galatoomfata, tolturrattiin gargaarama.

### Bu’aa ibaadaan muslimtichaaf qabdu.

فالصلاة صلة بين العبد وبين ربّه إذا دخل فيها بخشوع أحسّ بالسكينة والطمأنينة والرّاحة لأنّه يناجي ربه وهو الله عزّ وجلّ.

Salaatni hariiroo Rabbiifii gabricha isaa jeddutti taateedha. Muslimtichi khushuu’aan soda Rabbiitiin itti yaadaa yoo salaata isaa kan salaatu tahe qalbiin isaa tasgabbiifii boqannaa guddaa argatti, Rabbii isaatii maqoo haasaye waan taheef.

ولذلك كان نبي الله محمد ﷺ يقول: «يا بلال أرحنا بالصلاة»، وكان ﷺ إذا حزبه أمر فزع إلى الصلاة.

Kanaaf jecha nabiyyiin ﷺ akkana jedhan:- **“Yaa bilaal salaataan nuboqachiisi”** akkasuma nabiyyiin ﷺ yeroo waayeen cimaan tokko isaan yaaddesse kara salaataati daddafan.

وكلّ من وقعت له مصيبة فجرّب الصلاة أحسّ بمدد من الصّبر وعزاء عمّا أصابه ذلك.

Namni balaan galteen itti buutee salaataan simate hundi hangam salaanni akka nama tasgabbeessitu, obsaafi cimina namaaf tahuudhaan musiibarraa hangam akka nama dandamachiiftu nihubata.

لأنّه يتلو كلام ربّه في صلاته وأثر تلاوة كلام الربّ لا يُقارن بأثر قراءة كلام مخلوق.

Salaanni wanni itti madda sabrii tahuu dandaye waan muslimtichi salaata san keessatti qur'aana Rabbii qara'uufi. Haasofni Rabbii (qur'aanni) burqa iimaanaatiifii rahmataati, dawaa qaamaaf qalbiiti.

وإذا كان كلام بعض الأطبّاء النفسانيين فيه راحة وتخفيف فما بالك بكلام من خلق الطبيب النّفساني.

Yoo gorsi ogeyyota ispeeshaalistootaa waaye lubbuu namaa kan nama Rakkoo sammuu qabu boqachiisu tahe, jechi Rabbii ogeessota san uumee yoo maal hayyaa?

وإذا جئنا إلى الزكاة وهي أحد أركان الإسلام فإنها تطهير للنّفس من الشحّ والبخل وتعويد على الكرم ومساعدة للفقراء والمحتاجين وأجر ينفع يوم القيامة كبقيّة العبادات.

Yoo gama zakaa baasuudhaa dhufnee laalle, isiin Arkaanoowwan islaamaaraa takka, isiiin lubbuu donyummarraa namaaf qulqulleessiti, arjummaafii aantummaa gara laafummaa nama barsiifti, rakkataa gargaaruudhaan galata guyyaa qiyaamaa Rabbirraa nama argachiifti.

ليست باهظة ومرهقة كضرائب البشر وإنما في كلّ ١٠٠٠ يدفع ٢٥ فقط يؤديها المسلم الصادق عن طواعية نفس لا يتهرّب منها حتى ولو لم يلاحقه أحد.

Zakaan kafaltii gudoo akka gibira ilmi namaa walirratti humnaa ol feeuutii miti, zakaan salphoo, xiqqoodha, 1000tti 25 kafalama. Muslimni jaalalaafii gammachuun ufumaa uf herregee guutee Rabbiif jecha kafala.

وأمّا الصيام فامتناع عن الطعام والنكاح عبادة لله وشعورا بحاجة الجائعين والمحرومين.





Soomana jechuun ibaadaa Rabbii itti niyyatanii guyyaalee ji'a Ramadaanaa nyaataa, dhugaatii fii qunnamtii saalaa irraa uf qabuudha. Kuni ibaadaa Rabbiin jaalatuufii tan ufuma isaatii galata naatu galcha jedheedha.

وتذكيرا بنعمة الخالق على المخلوق وأجر بلا حساب.

Akkasuma soomanni qananii Rabbiin namarratti tola oole nama yaadachiisa, galata hedduu lakkoofsaan maletti Rabbirraa nama argachiisa.

والحجّ إلى بيت الله الحرام الذي بناه إبراهيم عليه السلام والإلتزام بأمر الله ودعاء مستجاب وتعرّف على المسلمين من أقطار الأرض.

Hajjiin kara mana Rabbii kabajaamaa tahee kan anbi ibraahiim makkatti ijaaree (ka'ibaa)tti godhamti. Hajjii keessatti ajaj Rabbii raawwatuu, du'aa'ii qeebalamturraa qooda fudhachuu, muslimtoota addunyaatiin walbaruutu keessatti argama.

### Diin islaamaa toltuu hundatti ajaje, hamtuu hundarraa dhoowwe.

أنّ الإسلام قد أمر بكلّ خير ونهى عن كلّ شرّ وأمر بسائر الآداب ومحاسن الأخلاق.

Diin islaamaa toltuufii gaarii hundatti ajaje, hamtuufii badduu hundarraa dhoowwe, namusootaafii haalaaf amala gaggaarii hundatti ajajee jira.

مثل الصّدق والحلم والأناة والرّفق.

Islaamummaan dhugaa haasawutti nama ajaja, obsatti nama ajaja, tasgabbiifii suuta suutaan deemutti nama yaama.

والتواضع والحياء والوفاء بالوعد والوقار.

Islaamummaan ufgadi qabutti nama ajaja, waa qaanfachutti, beellama guututti, ija qadiqabachutti nama ajaja.

والرحمة والعدل والشّجاعة والصّبر

Islaamummaan tola walitti ooluu, Rahmata waliif godhuu, walqixxeessuu, haqa murteessuu, gootummaa, obsa qabaachuutti nama ajaja.

والألفة والقناعة والعفّة والإحسان.

Islaamummaan waliigaltahuutti, aminfachuutti, ufqulqulleessutti, toltummatti nama ajaja.

والسّماحة والأمانة والشكر على المعروف وكظم الغيظ.

Islaamummaan waliif garaa bal'atuutti, amaanaa jabeessutti, tolturratti galatoomfaturratti nama ajaja.

ويأمر ببرّ الوالدين وصلة الرّحم.

Islamummaan haadhaaf abbatti tolutti nama ajaja. Firooma maxxansutti nama ajaja.

وإغاثة الملهوف والإحسان إلى الجار.

Islaamummaan rakkataa gargaarutti, ollatti tola oolutti nama ajaja.

وحفظ مال اليتيم ورعايته ورحمة الصغير واحترام الكبير.

Islaamummaan yatiima (ilmaan abbaan qabne) kunuunsutti gargaarutti, xiqqaa hundaa Rahmata godhutti guddaa hunda kabajutti nama ajaja.

والرّفق بالخدم والحيوانات وإماطة الأذى عن الطريق.





Islaamummaan ergannoo hojjattootatti laaffisuutti, beyladoota miidhuu dhabutti nama ajaja. Waan nama rakkisu kararraa kaasutti, nama ajaja.

والكلمة الطيبة والعفو والصّفح عند المقدرة ونصيحة المسلم لأخيه المسلم.

Islaamummaan haasawa gaarii haasawutti, osomaa kafalachuu dandayanuu dhiifama waliif godhutti, irra walii tarutti, nama ajaja. Muslimni hundi obboleessa isaa kamuslimaatiif akka toltu himuuf (nasiihaa godhuuf) nama ajaja.

وقضاء حوائج المسلمين وإنظار المعسر والإيثار والمواساة.

Islaamummaan haajaa namaaf baasutti, rakkatarratti laaffisutti, lubbuu ufiirra obboleessa dursuu, wal gargaarutti nama ajaja.

والتعزية والتبسّم في وجوه الناس وإغاثة الملهوف وعيادة المريض ونصرة المظلوم.

Islaamumman yeroo gaddaa waljajjabeessutti, fuula namaatti seequu, cinqamaa tin'isutti, dhukkubsataa gaafachutti, roorrifamaa gargaarutti nama ajaja.

والهديّة بين الأصحاب وإكرام الضّيف ومعاشرة الزوجة بالمعروف والإنفاق عليها وعلى الأولاد

Islaamummaan kennaa waliif ergutti, keessumaa kabajutti, bultii kabajaan horachutti, maatii ufii kunuunsutti, baasii irratti baasutti nama ajaja.

وإفشاء التحية وهي السّلام والاستئذان قبل الدخول إلى البيوت حتى لا يرى الإنسان عورات أصحاب البيت.

Islaamummaan salaamtaa tamsaasutti, mana seenuun duratti hula dhadhawanii hayyamsiisutti, nama ajaja.

Ammas diin kun kan ilmi namaa hundi hordofuun isaanirratti dirqamaati.

Ammas islaamummaan tun amantii zamana hundaaf biyyahundaaf ummata hundaaf mijjoytuu taateedha.

Akkasuma amantii toltuu amantiin biroo qabdu hunda walitti qabattee toltuu birootis irratti ida'atteedha.

Akkasuma islaamni amntii haqaa tan nama isa qabateef Rabbiin milkiifii injifannoo waadaa seeneefii dha.

﴿ وَعَدَ ٱللَّهُ ٱلَّذِينَ ءَامَنُوا۟ مِنكُمْ وَعَمِلُوا۟ ٱلصَّٰلِحَٰتِ لَيَسْتَخْلِفَنَّهُمْ فِى ٱلْأَرْضِ كَمَا ٱسْتَخْلَفَ ٱلَّذِينَ مِن قَبْلِهِمْ وَلَيُمَكِّنَنَّ لَهُمْ دِينَهُمُ ٱلَّذِى ٱرْتَضَىٰ لَهُمْ وَلَيُبَدِّلَنَّهُم مِّنۢ بَعْدِ خَوْفِهِمْ أَمْنًا ۚ يَعْبُدُونَنِى لَا يُشْرِكُونَ بِى شَيْـًٔا ۚ وَمَن كَفَرَ بَعْدَ ذَٰلِكَ فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْفَٰسِقُونَ ﴾ [النور: ٥٥]

***"Rabbiin isin irraa warra amananii, gaggaarii hojjatan akkuma warra isaan duraa (dachii irratti) bakka buusee ture, dachii irratti bakka isaan buusuuf jira. 'Amantii isaaniif jaalate isaaniif mijeessee, erga sodaa isaaniitii nagayatti isaaniif jijjiiraa' waadaa galeera. Odoo humaa natti hin qindeessin Ana qofa haa gabbaranii. Sana booda warri kafare, isaanumatu finciltoota."*** (Suurat unuur 55)

Diin islaamaa nama muslima hintahiniin wajjiin akkataa itti waldandayanii wajji jiraatan seera gayaa labsee jira.

Akka adawwiin olola kijibaa hafarsaa jirtu jettuu miti. Muslimni mankaraarsaa miti muslimni shoorarkessaa miti. Kun duula kijibaa kan dhugarraa fagatee, duula humnoota farra islaamaa kan muslimaa maqaa gurraacheysuuf deemaa jiru tahuun isaa ifatti beekamuu qaba. Ammas irra





deebinee islamni amantii nagayaafii jaalalaa, tan kabajaa fi rahmataati. Muslimnis ummata nagayaati, ummata jaalalaati, ummataa barnootaati, ummata guddinaafii misoomaati. Egaa warren farra islaamaatiin akki jennu, manzaraa (manaaxirii) guraacha dukkanaawaa ijarraa waan qabdaniif wanni laaltan hundi isinitti dukkanooytee ufirraa baasaa ija fayyaa qabduun laalaa, yoggus dhugaa islaamummaa agartanii jennaan.

Diin islaamaa amantii umaan wliigaltu tan namni hundi irrtti dhalatu (diinul fixrah) jedhama. Muslima tahuun uf tahuudha, islaamni amantii ganamaa tan hangafa ilma namaati. Ilmi namaa hundi gama diin islaamaa akka dhufuu sagalee olkaasnee yaamna. Koottaa! Koottaa! islaamawaa nifayyitanii, nagaya argattanii, hoongoo adduniyaafii aakhiraa jalaa nagaya baatanii jennaan.

AlhamduliLlaahi Rabbii islaamummaa nubadhaase.

Eegaa Diin kana baradhaa, jabeyfadhaa, walbarsiisaa, irratti jiraadhaa isiniin jenna.

# UTUBAALEE ISLAAMAA

Arkaanni islaamaa shani sunis shahaadaa lameen raga bahuu, salaataa gadidhaabuu, zakaa kennuu, Ramadaana soomanuu, hajjii beytii Rabbiitti godhuu.

Rabbiin oltahe s.w. akkana jedha:-

﴿لَّيۡسَ ٱلۡبِرَّ أَن تُوَلُّواْ وُجُوهَكُمۡ قِبَلَ ٱلۡمَشۡرِقِ وَٱلۡمَغۡرِبِ وَلَٰكِنَّ ٱلۡبِرَّ مَنۡ ءَامَنَ بِٱللَّهِ وَٱلۡيَوۡمِ
ٱلۡأٓخِرِ وَٱلۡمَلَٰٓئِكَةِ وَٱلۡكِتَٰبِ وَٱلنَّبِيِّـۧنَ وَءَاتَى ٱلۡمَالَ عَلَىٰ حُبِّهِۦ ذَوِي ٱلۡقُرۡبَىٰ
وَٱلۡيَتَٰمَىٰ وَٱلۡمَسَٰكِينَ وَٱبۡنَ ٱلسَّبِيلِ وَٱلسَّآئِلِينَ وَفِي ٱلرِّقَابِ وَأَقَامَ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتَى ٱلزَّكَوٰةَ
وَٱلۡمُوفُونَ بِعَهۡدِهِمۡ إِذَا عَٰهَدُواْۖ وَٱلصَّٰبِرِينَ فِي ٱلۡبَأۡسَآءِ وَٱلضَّرَّآءِ وَحِينَ ٱلۡبَأۡسِۗ أُوْلَٰٓئِكَ
ٱلَّذِينَ صَدَقُواْۖ وَأُوْلَٰٓئِكَ هُمُ ٱلۡمُتَّقُونَ﴾ [الأعراف: ٤٣]

***"Dalagaan gaariin fuula keessan gara bahaafi dhihaa naannessuu miti; haa ta'u malee dalagaan gaariin nama Rabbitti, Guyyaa Aakhiraatti, malaa'ikootatti, kitaabattiifi nabiyyootatti amanee, odoo jaallatuu qabeenya firaaf, yatiimaaf, hiyyeeyyiif, kara deemaaf, kadhattootaafi gabra bilisoomsuuf kennee, salaatas gadi dhaabee, zakaa kenneefi warra yeroo waadaa seenan waadaa isaanii guutanii, warra rakkina, dhukkuba hamaafi yeroo lolan obsaniidha. Isaan warra dhugaa qabatani. Isaanis warra Rabbiin sodaataniidha."*** Suuratul baqarah 177

Hundee baruumsa kanaa, hadiisa jibriil bifa nama

dargaggeysaatin uffata addeyfate kan rifeensi isaa gurraachaa, Nabii keenyarratti ﷺ ol seenee fuula dura taa'ee gaafate, Yaa Muhammad islaamummaa rraa naaf odeessi (nabarsiisi) jedheen? Nabiin keenya ﷺ islaama jechuun Ragaa bahuu keeti gabbaramaan dhugaa Rabbi malee akka hin jirre nabi muhammadis ergamaa isaa tahuu…jedheeti itti fufe, barsiise.

### 01 Shahaadaa lameen raga bahuu

Shahaadaa jechuun Ragaa bahuu jechuudha, jechi isiitis kana

**أشهد أن لا إله إلا الله وأشهد أن محمدا عبده ورسوله**

"Ash hadu an laa ilaaha illallaahu, wa ash hadu anna muhammadan rasuulullaah."

**haqaan gabbaramaan Allah malee akka hinjirre ragaa ninbaha. Muhammad gabrichaafii ergamaa isaa tahuu ragaa nin baha.** Kun jecha shahaadaa lameen jedhama. Kanaan namni islaamummatti seena.

### 02 Salaata gadi dhaabuu.

Salaanni utubaa islaamaati. Utubaa islaamaati. Arkaana islaamaa kan lammeessaati. kana jechuun halkanii guyyatti yeroo shan seraafii akkataa isii guutanii, baratanii, tolchanii salaatuudha.

salaanni darajaan (sawaabni isaa) haalaan guddaadha. Kanarratti Rabbiin s.w. akkana jedha "salaata dhaabi salaanni badii fokkattuufii jallina jibbamarraa nama dhoowwiti." qur'aana.



Nabiin keenyaas ﷺ akkana jedhan.

عن أبي هريرة ﵁ قال سمعت رَسُول اللّهِ ﷺ يقول: «**أرأيتم لو أن نهراً بباب أحدكم يغتسل منه كل يوم خمس مرات هل يبقى من درنه شيء**»، قالوا: لا يبقى من درنه شيء. قال: «**فذلك مثل الصلوات الخمس يمحو اللّه بهن الخطايا**». مُتّفَقٌ عَلَيهِ.

**"mee naaf himaa osoo hula tokkoo keessanii lagni bishaan guutuu kan yaa'u tahee guyyarraa yoggu shan isarraa dhiqatee sa xurii isaarraa waa isarratti nihafaa?"** jennaan.

sahaabonni lakki hin hafu jedhaniin. **"salaanni shananis fakkiin isaa akkana, isaan Rabbiin nama qulqulleysa badirraa."** jedhaniin bukhaariifii muslimtu odeesse.

عَنْ أَبِي عَمْرٍو الشَّيْبَانِيِّ وَاسْمُهُ سَعْدُ بْنُ إِيَاس، قَالَ: حَدَّثَنِي صَاحِبُ هَذِهِ الدَّار، وَأَشَارَ بِيَدِهِ إِلَى دَارِ عَبْدِاللَّهِ بْنِ مَسْعُودٍ ﵁ قَالَ: سَأَلْتُ النَّبِيَّ ﷺ: أَيُّ الْعَمَلِ أَحَبُّ إِلَى اللَّهِ؟ قَالَ: «**الصَّلاةُ عَلَى وَقْتِهَا**»، قُلْتُ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «**بِرُّ الْوَالِدَيْنِ**»، قُلْتُ: ثُمَّ أَيٌّ؟ قَالَ: «**الْجِهَادُ فِي سَبِيلِ اللَّهِ**»، قَالَ: حَدَّثَنِي بِهِنَّ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ وَلَوْ اسْتَزَدْتُهُ لَزَادَنِي.

Abuu Amr Al-Shaybaaniin, maqaan isaa Sa'ad bin Iyaas kan ta'e ni jedhe: gara mana Abdullaah bin Mas'uud r.a. akeekee abbaan mana kanaa naaf odeessee ni jedhe: **"Dalagaa kamtu hunda irra gara Rabbiitti jaallatama?" jedheen Nabiyyii ﷺ gaafadhe. Isaanis "salaata yeroo ishee irratti salaatuu dha" jedhan. ‹Ergasii hoo?'n jedhe. "Haadhaa fi abbaadhaaf tola ooluu dha" jedhan. ‹Ergasii hoo?'n jedhe. "Karaa Rabbii keessatti qabsaa'uu dha" jedhan. "Ergamaan Rabbii ﷺ ishee kana naaf odeessanii odoo ani dabala barbaadee naaf dabalu turan."** jedhe.

Akkasuma salaanni utubaa islaamaati namni isa dhaabe amantii isaa islaama dhaabee jira.

kan salaata diige (Dhiise) amantii isaa diigee jira.

Ammas salaanni dura waan namni guyyaa qiyaamaa irraa gaafatamuuti, isiin tollaan hojiin isaa hundi toltee fudhatama argatti. ammoo yoo isiin ir'atte hojiin isaa hundi bu'aa dhabdi.

akkasuma salanni ifaadha.

Waayee bal'ina barnoota kanaatiif kitaaba kiyya kan **Barnoota xahaaraafii salaataa** jedhu dubbisaa.

### 03 Zakaa baasuu

kana jechuun qabeenya qabnurraa waggatti harka beekamaa tahe kan seeraan taae tokko hiyyeeysaa kennuu(gargaaruu) jechuudha.

﴿خُذۡ مِنۡ أَمۡوَٰلِهِمۡ صَدَقَةٗ تُطَهِّرُهُمۡ وَتُزَكِّيهِم بِهَا وَصَلِّ عَلَيۡهِمۡۖ إِنَّ صَلَوٰتَكَ سَكَنٞ لَّهُمۡۗ وَٱللَّهُ سَمِيعٌ عَلِيمٌ﴾ [التوبة: ١٠٣]

***"Qabeenya isaanii irraa sadaqaa isheedhaan isaan qulqulleessituufi isaaniif dabaltuun fuudhi. Rabbiinis isaaniif kadhu; kadhaan kee isaaniif tasgabbiidha. Rabbiin dhagayaa, beekadha."***

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِنَّ كَثِيرٗا مِّنَ ٱلۡأَحۡبَارِ وَٱلرُّهۡبَانِ لَيَأۡكُلُونَ أَمۡوَٰلَ ٱلنَّاسِ بِٱلۡبَٰطِلِ وَيَصُدُّونَ عَن سَبِيلِ ٱللَّهِۗ وَٱلَّذِينَ يَكۡنِزُونَ ٱلذَّهَبَ وَٱلۡفِضَّةَ وَلَا يُنفِقُونَهَا فِي سَبِيلِ ٱللَّهِ فَبَشِّرۡهُم بِعَذَابٍ أَلِيمٖ﴾ [التوبة: ٣٤]

***"Yaa warra amantan! Dhugumatti irra hedduun hayyootaafi moloksee qabeenya namootaa haqaan malee nyaatan; karaa Rabbii irraahis (namoota) deebisu. Isaan meetaafi warqee kuusatan, kan karaa Rabbii keessatti ishee hin sadaqanne adabbii laalessaan isaan gammachiisi."***



﴿يَوۡمَ يُحۡمَىٰ عَلَيۡهَا فِي نَارِ جَهَنَّمَ فَتُكۡوَىٰ بِهَا جِبَاهُهُمۡ وَجُنُوبُهُمۡ وَظُهُورُهُمۡۖ هَٰذَا مَا كَنَزۡتُمۡ لِأَنفُسِكُمۡ فَذُوقُواْ مَا كُنتُمۡ تَكۡنِزُونَ﴾ [التوبة: ٣٥]

***"Guyyaa ibidda jahannam keessatti ishee irratti ho'ifamu, kan addi isaanii, cinaachi isaaniitiifi dugdi isaanii isheen gubamu "Kun waan isin lubbuu keessaniif kuusa turtaniidha; waan kuusaa turtaniis dhandhamaa."*** (jedhamu).

Wanti zakaan isaa hin kennamne hunduu kuusaa abbaan isaa Guyyaa Qiyaamaa ittiin adabamuudha. Kana hadiisni sahiihiin Nabiyyii (saw) irraa odeeffame akeekeera. Nabiyyiin (saw) ni jedhan:

عن أبي هريرة أن رسول الله ﷺ قال: «**ما من صاحب كنز لا يؤدي حقه إلا جعله الله يوم القيامة صفائح من نار يحمى عليها في نار جهنم فتكوى بها جبهته وجنبه وظهره حتى يقضي الله تعالى بين عباده في يوم كان مقداره خمسين ألف سنة مما تعدون ثم يرى سبيله إما إلى الجنة وإما إلى النار وما من صاحب غنم لا يؤدي حقها إلا جاءت يوم القيامة أوفر ما كانت فيبطح لها بقاع قرقر فتنطحه بقرونها وتطؤه بأظلافها ليس فيها عقصاء ولا جلحاء كلما مضت أخراها ردت عليه أولاها حتى يحكم الله بين عباده في يوم كان مقداره خمسين ألف سنة مما تعدون ثم يرى سبيله إما إلى الجنة وإما إلى النار وما من صاحب إبل لا يؤدي حقها إلا جاءت يوم القيامة أوفر ما كانت فيبطح لها بقاع قرقر فتطؤه بأخفافها كلما مضت عليه أخراها ردت عليه أولاها حتى يحكم الله تعالى بين عباده في يوم كان مقداره خمسين ألف سنة مما تعدون ثم يرى سبيله إما إلى الجنة وإما إلى النار**».

**"Abbaan kuusaa qabeenya warqeefi meetaa kan haqa isaa hin dhaqqabsiifne (zakaa isaa hin kennine) yeroo Guyyaan Qiyaamaa gahe maaddii sibiilaa ibidda irraa ta'e isaaf taasifamee cinaachi isaafi illeen (cinaan adda) isaa ittiin gubamu malee hin hafu. Hanguma qabbanooftuun isaaf deebifamti. Kun immoo hanga Rabbiin guyyaa dheerinni isaa waggaa kuma shantama ta'e keessatti jidduu garboota isaa murteessutti itti fufa. Ergasii karaan isaa gara jannataa yookiin ibiddaa ta'uun argama."**

Sana booda Ergamaan Rabbii (saw) abbaa gaalaa, kan looniifi re'ee warra zakaa isaanii hin kennine dubbatanii akka isaan Guyyaa Qiyaamaa ittiin adabamanus himan.

Ammas Ergamaa Rabbii (saw) irraa hadiisa sahiihaan dhufee ni jedhan:

عَنْ أَبِي هُرَيْرَةَ ﵁ قَالَ: قَالَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ: «**مَنْ آتَاهُ اللَّهُ مَالًا فَلَمْ يُؤَدِّ زَكَاتَهُ مُثِّلَ لَهُ مَالُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ شُجَاعًا أَقْرَعَ لَهُ زَبِيبَتَانِ يُطَوَّقُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ ثُمَّ يَأْخُذُ بِلِهْزِمَتَيْهِ يَعْنِي بِشِدْقَيْهِ ثُمَّ يَقُولُ أَنَا مَالُكَ أَنَا كَنْزُكَ ثُمَّ تَلَا وَلَا يَحْسَبَنَّ الَّذِينَ يَبْخَلُونَ بِمَا آتَاهُمُ اللَّهُ مِنْ فَضْلِهِ هُوَ خَيْرًا لَهُمْ بَلْ هُوَ شَرٌّ لَهُمْ سَيُطَوَّقُونَ مَا بَخِلُوا بِهِ يَوْمَ الْقِيَامَةِ وَلِلَّهِ مِيرَاثُ السَّمَاوَاتِ وَالْأَرْضِ وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرٌ**».

**"Namni Rabbiin qabeenya isaaf kenninaan zakaa isaa kennuu dhiise, guyyaa Qiyaamaa jawwee (bofa guddaa) mataa moluu kan gaafa lama qabu taasifamee Guyyaa Qiyaamaa isatti fannifama. Ergasii hidhii isaa lamaan qabateeti 'ani kuusaa keeti, ani qabeenya keeti' isaan jedha. Sana booda Aayata kana qara'an: "Warri waan Rabbiin tola Isaa irraa isaaniif kenneen don'oomanu inni isaaniif gaarii ta'uu hin yaadin. Dhugumaatti inni isaaniif badaadha. Fuulduratti wanti isaan ittiin don'ooman Guyyaa Qiyaamaa (bofa ta'ee) isaanitti fannifama. Dhaalli samiifi dachii kanuma Rabbiiti. Rabbiinis waan isin dalagdan beekaadha." (Aala Imraan:180)."** Bukhaariitu gabaase.





وروى البخاري (١٤٥٤) عن أَنَسٍ أَنَّ أَبَا بَكْرٍ ﵁، كَتَبَ لَهُ هَذَا الْكِتَابَ لَمَّا وَجَّهَهُ إِلَى الْبَحْرَيْنِ: «**بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ هَذِهِ فَرِيضَةُ الصَّدَقَةِ الَّتِي فَرَضَ رَسُولُ اللَّهِ ﷺ عَلَى الْمُسْلِمِينَ وَالَّتِي أَمَرَ اللَّهُ بِهَا رَسُولَهُ فَمَنْ سُئِلَهَا مِنْ الْمُسْلِمِينَ عَلَى وَجْهِهَا فَلْيُعْطِهَا وَمَنْ سُئِلَ فَوْقَهَا فَلَا يُعْطِ : فِي أَرْبَعٍ وَعِشْرِينَ مِنْ الْإِبِلِ فَمَا دُونَهَا مِنْ الْغَنَمِ مِنْ كُلِّ خَمْسٍ شَاةٌ . إِذَا بَلَغَتْ خَمْسًا وَعِشْرِينَ إِلَى خَمْسٍ وَثَلَاثِينَ فَفِيهَا بِنْتُ مَخَاضٍ أُنْثَى ،...**». الحديث

Abuu bakar r.a. yeroo anas akka zakaa sassaabuuf bahreynitti erge barruu kana barreesseef:- **"maqaa Rabbii Rahmata godhaa maraarfataa taheetiin. Tuni dirqama zakaa tan Rabbiin nabiyyicha isaa itti ajaje, tan ergamaan Rabbii dirqama godhe, namni isii tana gaafatame haa kennuu, kan kanaa ol gaafate hinkennin. Gaala digdamii afuuriifi sani gadii keessatti re'eetu kafalama. Gaala shan shanirratti re'ee takka takkaatu kennama. Yoo digdamii shan geese hanga soddomii shaniitti ilmoo gaalaa tan waggaa takka guutteetu irra baha.."** hadiisni dheeraadha.

ونصاب البقر ثلاثون، لقول النبي ﷺ: «**فِي ثَلَاثِينَ مِنْ الْبَقَرِ تَبِيعٌ أَوْ تَبِيعَةٌ وَفِي كُلِّ أَرْبَعِينَ مُسِنَّةٌ**». رواه الترمذي .

Zakaan loonii keessatti nabiin ﷺ akkana jedhe. **"Loon soddom irraa raada waggaa takkatu baha, horii afurtamarraa raada waggaa lamaatu baha."**

ونصاب الغنم أربعون شاة، بإجماع العلماء، وفيها شاة واحدة؛ لما جاء في حديث أنس السابق: «**وَفِي صَدَقَةِ الْغَنَمِ فِي سَائِمَتِهَا إِذَا كَانَتْ أَرْبَعِينَ إِلَى عِشْرِينَ وَمِائَةٍ شَاةٌ، فَإِذَا زَادَتْ عَلَى عِشْرِينَ وَمِائَةٍ إِلَى مِائَتَيْنِ شَاتَانِ**».

**“Zakaan re’ee keessatti re’ee afurtamarraa hanga dhibbaaf digdamaatti re’ee takkaatu baha, dhibbaaf digdamarra yoo idaate hanga dhibba lamaattii re’ee lama.”**

Akkasuma maallaqa bilchoofii meeshaalee daldalaa irraa 2.5% baasuu,

midhaaniifii oomisha qonnaa irraa 10% baasuu barbaachisa.

## 04 Ji’a Ramadaanaa soomanuu.

Kana jechuun waggaa waggaan baatii Ramadaanaa soomanuu jechuudha.

Rabbiin s.w. soomanni dirqama tahuu yogguu ibsu akkana jedhe:-

﴿ يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا كُتِبَ عَلَيْكُمُ الصِّيَامُ كَمَا كُتِبَ عَلَى الَّذِينَ مِن قَبْلِكُمْ لَعَلَّكُمْ تَتَّقُونَ ﴾ [البقرة: ١٨٣]

*“Yaa warra amantan! Akka isin Rabbiin sodaattaniif Soomni akkuma warra isin duraa irratti barreefametti (dirqama ta’etti) isin irrattis barreeffameera.”*

﴿ أَيَّامًا مَّعْدُودَاتٍ ۚ فَمَن كَانَ مِنكُم مَّرِيضًا أَوْ عَلَىٰ سَفَرٍ فَعِدَّةٌ مِّنْ أَيَّامٍ أُخَرَ ۚ وَعَلَى الَّذِينَ يُطِيقُونَهُ فِدْيَةٌ طَعَامُ مِسْكِينٍ ۖ فَمَن تَطَوَّعَ خَيْرًا فَهُوَ خَيْرٌ لَّهُ ۚ وَأَن تَصُومُوا خَيْرٌ لَّكُمْ ۖ إِن كُنتُمْ تَعْلَمُونَ ﴾ [البقرة: ١٨٤]

TOWHIIDA UTUBAALEE ISLAAMAA FII IIMAANAA



*“Guyyoota lakkaa’amtuu (qofatu murteeffame). Isin irraa namni dhukkubsataa yookiin kara deemaa ta’e, guyyaa biraa irraa lakkaawwachuutu (isa irra jira). Warra isa (Soomuu) danda’an irratti kaffaltii (fidyaa) hiyyeessa nyaachisuutu jira. Namni fedha isaatiin toltuu dabalatee hojjate, sun isaaf caalaadha. Yoo kan beektan taataniif soomuutu isiniif caala.”*

﴿ شَهْرُ رَمَضَانَ الَّذِي أُنزِلَ فِيهِ الْقُرْآنُ هُدًى لِّلنَّاسِ وَبَيِّنَاتٍ مِّنَ الْهُدَىٰ وَالْفُرْقَانِ ۚ فَمَن شَهِدَ مِنكُمُ الشَّهْرَ فَلْيَصُمْهُ ۖ وَمَن كَانَ مَرِيضًا أَوْ عَلَىٰ سَفَرٍ فَعِدَّةٌ مِّنْ أَيَّامٍ أُخَرَ ۗ يُرِيدُ اللَّهُ بِكُمُ الْيُسْرَ وَلَا يُرِيدُ بِكُمُ الْعُسْرَ وَلِتُكْمِلُوا الْعِدَّةَ وَلِتُكَبِّرُوا اللَّهَ عَلَىٰ مَا هَدَاكُمْ وَلَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ ﴾ [البقرة: ١٨٥]

*“Jiini Ramadaanaa isa Qur’aanni namootaaf qajeelfamaafi ragaa ifa bahaa qajeelfamichaafi addaan baasaa (haqaafi kijibaa) ta’e keessa buufameedha. Namni isin irraa ji’a kana dhaqqabe isa haa soomu. Namni dhukkubsataa yookiin kara deemaa ta’e, guyyaa biraa irraa lakkaawwachuutu (isa irra jira). Rabbiin isiniif laaffisuu fedha malee isin irratti jabeessuu hin fedhu. Akka lakkoofsa (guyyaa isin irratti barreeffamee) guuttaniifi waan isin qajeelcheef akka Rabbiin guddiftaniif, akkasumas akka (Rabbiin) galateeffattaniif jecha (kana goone).”*

Soomanni darajaa gurguddoo hedduu qaba.

وروى عن أبي هريرة ﷺ عن النبي ﷺ قال: «**قال الله عز وجل: كل عمل ابن آدم له إلا الصوم فإنه لي، وأنا أجزي به، والصيام جنة، فإذا كان يوم صوم أحدكم، فلا يرفث، ولا يصخب، فإن سابه أحد أو قاتله، فليقل: إني صائم، والذي نفس محمد بيده، لخلوف فم الصائم أطيب عند الله من**

ريح المسك. للصائم فرحتان يفرحهما: إذا أفطر فرح بفطره، وإذا لقي ربه فرح بصومه». (متفق عليه).

Abii hureeyraan Nabiin keenya ﷺ akkana jedhan jedhe **“Rabbiin oltahee qulqullaayee akkana jedhe-hundi dalagaa ilmaan aadam isumaafi soomana malee inni naafi, anumaatu galata galcha isarratti, soomanni wantaadha, yeroo guyyaan soomana tokkoo keessanii tahe akka hinbaalaganne, akka hinwacne, yoo namni tokko isa arrabse yookaan isaan lole ani soomanaadha haajedhuunii, Isaa (Rabbii) lubbuun Muhammad harka isaa keessa jirtuun kakadhee ciinca afaan nama soomanuuttu Rabbi biratti hafuura miskiirra urgaawa, nama soomaneef gamachuu lama tan inni isii gammaduutu isaaf jira, yogguu fure furuu isaatiif gammada, yogguu fuula Rabbii isaa dhaqe soomana isaatiin gammada.”** Bukarii fii muslimtu odeesse.

Soomana jechuun Guyya guyyaa fajrii barii irraa kaasee hanga aduun seentutti- ibaadaa Rabbii itti niyyatanii-nyaata, dhugaatii, qunnamtii saalaa godhurraa ufqabuu (agabuu ooluu) jechuudha. kanaan Rabbi gabbaruu jechuudha.

Yeroo kana toltuu akka zikrii, sadaqaa, qaraatii qur’aanaa, du’aaii’ salaata sunnaa, fii kkf heddumeysuu barbaachisa.

Akkuma san hamtuu fii dilii gosa hundarraawuu fagaachuudhaan towbaa heddumeysanii uf qulqulleysuun barbaachisaadha. Waayee soomanaa Ramadaanaa fii heera isaa balinaa kitaaba kiyya kan **seera soomana Ramadaana** jedhurratti ni argattan.





### 05 hajjii mana Rabbii makkaatti godhuu.

Kana Jechuun Namni dandeeyti humnaaf diinaggee qabu martinuu umrii isaa keysatti yoggu takka kara biyya makkaa deemee dhaqee sirna ibaadaa hajji godhuu jechuudha.

﴿إِنَّ أَوَّلَ بَيْتٍ وُضِعَ لِلنَّاسِ لَلَّذِي بِبَكَّةَ مُبَارَكًا وَهُدًى لِّلْعَالَمِينَ﴾ [آل عمران: ٩٦]

***“Dhugumatti manni jalqaba ilma namaatiif haala barakeeffamaafi aalama hundaaf qajeelfama ta’een kaayame isa Bakkaan (Makkaan) jiruudha.”***

﴿فِيهِ آيَاتٌ بَيِّنَاتٌ مَّقَامُ إِبْرَاهِيمَ ۖ وَمَن دَخَلَهُ كَانَ آمِنًا ۗ وَلِلَّهِ عَلَى النَّاسِ حِجُّ الْبَيْتِ مَنِ اسْتَطَاعَ إِلَيْهِ سَبِيلًا ۚ وَمَن كَفَرَ فَإِنَّ اللَّهَ غَنِيٌّ عَنِ الْعَالَمِينَ﴾ [آل عمران: ٩٧]

***“Isa keessa mallattoolee ifa ta’an Maqaama Ibraahiimtu jira. Namni isa seenes nagaa ta’a. Rabbiif nama irratti, kan gara isaa deemuu danda’e irratti, manicha hajja’uutu dirqamni jira. Namni kafares, dhugumatti Rabbiin aalama irraa duroomaadha.”***

kunis fadlii sadarkaa guddaa qaba. Barnoota waayee hajji fii umraa guutuu kitaaba kiyya kan **heera hajjiifii umraa** jedhu dubbisaa.

### Walaloo utubaalee islaamaa

shanan islaamaa hubachuudhaa.
shahaadaa lameen durri isaadhaa.
tokkummaa Rabbii ragaa bahuudhaa.
Nabi muhammad ergaa isaadhaa.
salaata gadi dhaabuun lammeysaa.

baranii tolchanii sirreysaa.
utubaan diin kun dhaabbatuun isaa.
hadaraa hunduu qabaa jabeysaa.
zakaa baasutu itti aana tartiibaa.
eggataa sharxiifii hisaabaa.
barakaa diiniif duniyaa qabaa.
godhaa sadaqaa fudhaa sawaabaa.
Rabbiif soomanuutu itti aanaa.
baatii gamachuu ramadaanaa.
nurraa qeebalii ati mowlaanaa.
nuun jedhi hulaa rayyaan san seenaa.
shaneysaan gammachuu umriitii.
hajjii godhuu beytii Rabbiitii.
akka waan guyyaa san dhalateetii.
gala araarama argateetii.



# UTUBAALEE IIMAANAA

Iimaanni waa jaharratti ijaarame. Sunis Rabbitti amanuu, malaaykaa isaattis amanuu, kitaaba isaattis amanuu, ergamtoota isaatti amanuu, guyyaa qiyaamaatti amanuu, murtii Rabbiitti amanuu jechuudha. kanarraa yogguu dubbatu Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ ءَامِنُواْ بِٱللَّهِ وَرَسُولِهِۦ وَٱلۡكِتَٰبِ ٱلَّذِي نَزَّلَ عَلَىٰ رَسُولِهِۦ
وَٱلۡكِتَٰبِ ٱلَّذِيٓ أَنزَلَ مِن قَبۡلُۚ وَمَن يَكۡفُرۡ بِٱللَّهِ وَمَلَٰٓئِكَتِهِۦ وَكُتُبِهِۦ وَرُسُلِهِۦ وَٱلۡيَوۡمِ
ٱلۡأٓخِرِ فَقَدۡ ضَلَّ ضَلَٰلَۢا بَعِيدًا﴾ [النساء: ١٣٦]

***"Isin yaa warri amantan! Rabbitti amana, malaaykaa isaatti, ergamtoota isaatti, kitaaba inni ergamaa isaarratti buusetti, kitaaba inni ammaan dura buusetti, amanaa. Namni rabbitti kafare, akkasuma kan malaaykaa isaatti, kitaabban isaatti, ergamtoota isaatti, guyyaa aakhiraatti kafare dhugumaan jallina fagaataa jallate."*** Suuraa nisaa'ii 136

Arkaanaa iimaanaa kana Bal'ifnee yoo laalle

**01 Allaahatti amanuu.**

Kana jechuun

**Rabbiin jiraataa tahuu dhugaoomsuu.**

Rabbummaa isaatti amanuu, mootii, khaaliqa, tahuu isaa dhugaoomsuu.

**Gabbaramaa haqaa tahuu isaatt amnuu,**

kana jechuun haqaan gabbaramaan isamalee akka hinjirre mirkaneysuufii, isuma qofa gabbaruu. shirkirraa qulqullaawuu.

gabbaramtoota dharaa maqaa malee wahiimiti jedhanii hubachuudha. gabbaramtootni dharaa kun ufii isitiifuu uumamtuudhawaatakkalleehinuumtu,warreenisiigabbarurraa hamtuu hindeebistu, toltuu hin fidduuf, jiraachisuufi ajjeesus hindandeessu jedhanii dhuga'oomsuudha.

**Maqaaleefii sifaata isaatti amanuu. [al'iimaanu bi asmaaihii wasifaatihii].**

kana jechuun-maqaaleefii sifaataa Rabbiin qur'aana isaa keysatti mirkaneysee fii kan Nabiin keenya ﷺ hadiisa isaa keysatti sabachiise akkuma dhufetti itti amanuu Rabbiif mirkaneysu sabachiisuu qabna jechuudha. jallisuufii qullaa godhuun maletti, akkaateysuufii fakkeysuun maletti, akkaataa guddina isaatiin malutti jedhanii. Waayee sifaata Rabbii kitaaba kana gama booddaatti mata duree qooda towhiida jedhu jalatti bal'inaan dhihaatee jira.

Hubachiisa -bakka kanatti namni garee sadihitti addaan qoqqoodame.

**isaanis**

01 Mu'axxilaah [dhabamsiistu] warreen sifaata Rabbii mormanii dhabamsiisan kan akka jahmiyyaa fii ahbaash kanneen dogoggoranii jallatanii karaa Rabbii irraa bahan.

02 Mushabbihah [fakkeysituu] warreen sifaata Rabbii kan makhluuqaatti fakkeysan. Sifaatni Rabbi tan akkanaa jedhanii. Jarri kunis dogoggoraafi jallinarratti tahan.

03 Ahlussunnati waljamaa'ah. Sifaata Rabbii hunda nisabachiisan fakkeysuun maletti, karaa kanatu haqa, kanaatu karaa dhugaati.

**02 Malaaykaa isaatti amanuu.**

Kana Jechuun Rabbiin s.w. ummata tokko kan maleykaa jedhamu uumeeti qaba jennee dhuga'oomsuu dha. Maleykaan gabroottan Rabbii kabajamoodha. isatti hin dilaawan, waan inni itti ajaje hojjatan.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَلَهُۥ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلۡأَرۡضِۚ وَمَنۡ عِندَهُۥ لَا يَسۡتَكۡبِرُونَ عَنۡ عِبَادَتِهِۦ وَلَا
يَسۡتَحۡسِرُونَ ١٩ يُسَبِّحُونَ ٱلَّيۡلَ وَٱلنَّهَارَ لَا يَفۡتُرُونَ﴾ [الأنبياء: ١٩–٢٠]

***"wannii samiiwwaniifii dachii keessatti tahe kan isaati, jarreen isa biratti tahan (malaaykaan) Isa gabbaruu irraa hin boonan; hin hifatanis. Halkaniifi guyyaa (Rabbiin) qulqulleessu; hin boqatanis."*** (Al-ambiyaa'i: 19-20).

kan qur'aanaafii hadiisaan maqaafii hojiin isaanii dubbatame akkasumatti dhuga'oomsina.

Hadiisa anas Nabii keenyarraa ﷺ odeesse keessatti wanni ibsame akka

**"maleykaa kuma torbaatam guyyarra beytalmaimuuritti salaata."** Bukhaaritu odeesse.

Ammas abihureyraan nabirraa odeessee “Malaykarraa kan guyya jum’aah maqaa nama masgiida dhufuu tartiibaan katabantu jira” bukhariitu galmeesse.

## 03 Kitaaba isaatti amanu

Kana jechuun Rabbiin kitaaba hedduu ilmaan namaatiin qajeelchuuf buusee jira. kitaabban sun hundinuu jecha isaati, dhugaadha jennee amanuudha.

Hangafoonni isaani towraat nabi muusaa, zabuur nabi daawud, injiil nabi iisaa, qur’aana nabii keenya Muhammad ﷺ Rabbiin waayee kitaabban isaa qur’aana keysatti dubbatee ibsee jira.

Rabbiin akkana jedhe:

﴿ يَٰٓأَهۡلَ ٱلۡكِتَٰبِ قَدۡ جَآءَكُمۡ رَسُولُنَا يُبَيِّنُ لَكُمۡ كَثِيرٗا مِّمَّا كُنتُمۡ تُخۡفُونَ مِنَ ٱلۡكِتَٰبِ وَيَعۡفُواْ عَن كَثِيرٖۚ قَدۡ جَآءَكُم مِّنَ ٱللَّهِ نُورٞ وَكِتَٰبٞ مُّبِينٞ ١٥ يَهۡدِي بِهِ ٱللَّهُ مَنِ ٱتَّبَعَ رِضۡوَٰنَهُۥ سُبُلَ ٱلسَّلَٰمِ وَيُخۡرِجُهُم مِّنَ ٱلظُّلُمَٰتِ إِلَى ٱلنُّورِ بِإِذۡنِهِۦ وَيَهۡدِيهِمۡ إِلَىٰ صِرَٰطٖ مُّسۡتَقِيمٖ ﴾ [المائدة: ١٥-١٦]

***“Yaa warra kitaabaa! Ergamaan keenya kan irra hedduu kitaabaa irraa waan isin dhoksaa turtan isiniif ibsuufi baay’ee isaa immoo dhiifamaan irra isiniif dabru isinitti dhufeera. Dhugumatti, iftiifi kitaabni ifaa ta’e Rabbi irraa isiniif dhufeera. Rabbiin nama jaalala Isaa karaa nagaa hordofe ittiin (kitaabichaan) qajeelcha. Dukkana irraa gara ifaatti eeyyama Isaatiin isaan baasa. Gara karaa sirriis isaan qajeelcha.”*** (Almaaidah 15-16)





**Qur’aana-** qur’aanni kitaaba Rabbi kan boodaa kan irra caalaa nabiyyii isaa nabi muhammadirratti Rabbiin buuseedha. Qur’aanni kitaabban isa duraa hunda shaaree ufii bakka bu’ee jira. Kanaaf jecha kitaaba tokkollee qur’aana malee itti hojjachuufii irratti jiraachuun hintahu. Guddina sadarkaa qur’aanaa yogguu ibsu Rabbiin s.w. akkana jedhe:-

﴿وَنَزَّلۡنَا عَلَيۡكَ ٱلۡكِتَٰبَ تِبۡيَٰنٗا لِّكُلِّ شَيۡءٖ وَهُدٗى وَرَحۡمَةٗ وَبُشۡرَىٰ لِلۡمُسۡلِمِينَ﴾ [النحل: ٨٩]

***“Kitaaba waa hunda addaan baasuu (burqaa beekkomsa hundaa) sirratti buusne, qajeelchaa, rahmataafii gammachiisaa mu’imintootaa kan tahe.”*** (Suuratunnahli 89)

وروى الحاكم عن عبد الله بن مسعود رضي الله عنه قال: قال رسول الله ﷺ: **«إن هذ القرآن مأدبة الله فاقبلو من مأدبته ماستطعتم، إن هذ القرآن حبل الله المتين، والنور المبين، والشفاء الناجع، عصمة لمن تمسك به، ونجاة لمن اتبعه ...»**. الحديث.

Abdullah ibnu mas’uud nijedhe nabiin ﷺ kan akkana jedhanin dhagaye **“qur’aanni kuni afeerrii Rabbiiti, afeerrii isaarraa waan dandeessan qeebalaa. Qur’aanni kuni haada Rabbii kan jabaa tahe, ifaa mul’ataadha. Dawaa fayyisaadha, nama isa qabateef tika, nama isa hordofeef nagaya baasaadha…”** haakimtu odeesse.

## 04 Ergamtoota isaatti amanuu

Hiikkaan isaa Rabbiin zamana hunda keysatti namoota gaggaarii ummata keysaa fileeti isaanitti erga. barsiisota godhee Akka amantii Rabbii ummata barsiisaniif jecha.

Qajeelfama isaan barsiisanis kitaaba isaanirratti gadi buusa. isaanis hedduudha. Kanneen qur’aanaafii hadiisaan maqaan isaanii dhufe akkasumaatti amanna. Rabbiin qur’aana isaa kessatti waayee ergamtootaa ibsee jira.

﴿وَإِذۡ أَخَذۡنَا مِنَ ٱلنَّبِيِّـۧنَ مِيثَٰقَهُمۡ وَمِنكَ وَمِن نُّوحٖ وَإِبۡرَٰهِيمَ وَمُوسَىٰ وَعِيسَى ٱبۡنِ مَرۡيَمَۖ وَأَخَذۡنَا مِنۡهُم مِّيثَٰقًا غَلِيظٗا﴾ [الأحزاب: ٧]

***“Yeroo Nuti nabiyyoota irraa waadaa isaanii fuune, ammas sirraa, Nuuh, Ibraahiim, Muusaafi Iisaa ilma Maryam irraas qabne (yaadadhu). Isaan irraa waadaa cimaa qabne.”*** (Al’ahzaab: 7).

Nabi Muhammad ﷺ caalaa anbiyootaati. Akkasuma quxisuu isaaniiti. Isa booda nabiyyummaan hin jirtu. Ganda makkaati bara lola arbaa dhalate. Abbaan Abdallah ibnu abdulmuxxalibi, haati aaminaa binti wahbiiti. Achumatti guddate. Yogguu dardaru maallaqa kadiijaatiin daldaluu ture. Booda isii fuudhee bultii jaare. Umrii isaa waggaa 40tti Rabbiin qur’aana itti buusuudhaan akka ilmaan namaa islaamummaa barsiisee dukkanarraa baasu dirqama isarra kaaye. Samittis olbaasee salaata shanan itti kenne. Amata kudha sadi eega qabsoo hadhooytuu adawwii makkaa wajjiin gaggeesse booda gara madiinaa godaane. Achitti qajeellotti qubatee masgiida jaaree mootummaa islaamaa tan haqaa hundeese. Waggota 10 achi jiraatee umrii isaa amata 63 du’aan gama aakhiraa godaane. Sallallaahu aleyhi wasallam. Kunoogaa ifaa inni achitti qabsiiseetu addunyaa guutuu ibse. Kunoo gaa ilma namaa kan addunyaa tanarra jiru 7,000,000,000 keessaa muslimtoonni 1,700,000,000



tahan ifaa isaa ibsatanii jala deemaa jiran. Yaa muslimtoota seenaa nabii ﷺ baradhaa.

Wayee seenaa jiruu nabii keenyaa ﷺ guutuu kitaaba rahiiqul maktuum jedhamu kan shekh safiyyu Rrahmaan mubaarak fuurii arabiidhaan kaayerraa afaan keenyatti hiikee kasetoota sagalee 7tti Dheerinna daqiiqaa 420 tti bara hijraa 1428 qophesseetiin jira. Dhaabbata Najjashiitu finfinnetti maxxansee guutuu biyyattii keessa raabse. Isa dhaggeyfachuudhan isinii dhaama. Akkasuma darsiin kiyya kan siiraa vediyoon interneetirra kutaa 20 kan qabu nijira. Kutaa 1ffaa isaa liinkii itti aanu kanaan banadhaa daw’adhaa. https://islamhouse.com/or/videos/2798359/.

## 05 Guyyaa qiyaamaatti amanuu

Guyyaa boodaati amanuudha. namni akka du’een hihafu gayyaa dhumaa tokko nikaafama walitti qabameeti dalagaa isaarraa gaafatamee galata argata jechuu dhuga’oomsuudha.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿وَنُفِخَ فِي ٱلصُّورِ فَصَعِقَ مَن فِي ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَمَن فِي ٱلۡأَرۡضِ إِلَّا مَن شَآءَ ٱللَّهُۖ ثُمَّ نُفِخَ فِيهِ أُخۡرَىٰ فَإِذَا هُمۡ قِيَامٞ يَنظُرُونَ﴾ [الزمر: ٦٨]

***“Garrii (Xurumbaa) keessatti ni afuufama. Warri samii keessaatiifi warri dachii keessaa hunduu, nama Allaahn fedhe malee, ni dhumu. Ergasii yeroo biraas isa keessatti afuufama. Yeroo san isaan dhaabbatanii ilaaloo ta’u.”*** (Azzumar: 68).

Waayeen guyyaa qiyaamaa keessatti tahu kan qur'aanaafii hadiisan dhufe hunda dhuga'oomsuun dirqama. Sanneen keessaa hangafoonni kan itti aanu kana.

01 **Gaafii qabrii,** azaabaa fii qananii isiikeysaa dhugaoomsuu. jechuun namni yeroo duee awwaalame nikaafama, nigaafatama, Rabbiin kee eenyu? Nabiyyiin kee yoo eenyu? Amantiin tee yoo tami? gaafii jettuutu itti dhihaata, yoo qajeelaa tahe sirritti deebisa yoo jallataa tahe ammo deebisuu hindandayuu ni qixaaxama. Waayee azaaba qabrii yogguu dubbatu Rabbiin s.w. akkana jedha. Gaafir 46

"Ganamaafii galgala ibidarra (azaaba qabriirra) fidaman. Guyyaa qiyaamaan dhaabbattu warra firoownaa ibidda hamaa seensisaa" Akkuma hadiisa sahiiha keessattis bal'inaan dhufee jirutti.

02 **Alba'isu- [kaafamiinsa]** kun jechuun afuufinsa 2ffa irratti hundi namaa nikaafama. Kanas qur'annii ibsee jira. Attagaabun 7

"Warren kafaran akka hin kaafamne kijibaan dubbatan. Jedhiin lakki rabbi kiyyatti kakadhee nikaafamtan waan dalaydan ni odeeffamtan kuni rabbirratti salphaadhaa."

Akkasuma hadiisa bukhariif muskim keysatti Nabiin ﷺ akki jedhe- "namni guyyaa qiyaama nikaafa mila qullaa, qaama qullaa, kan hinkittaanamin tahee."

03 **Alhisaabu waljazaa'u-** [qorannoofii galata] kana yogguu jennu Namni hundii guyyaa qiyaamaa kaafameeti fuula Rabbiitti dhihaatee toltuufii hamtuu waan dalagee




irraa gaafatama. galata irratti argata jechuudha. kanas qur'aanni bal'inaan ibsee jira

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿مَن جَآءَ بِٱلْحَسَنَةِ فَلَهُۥ عَشْرُ أَمْثَالِهَا ۖ وَمَن جَآءَ بِٱلسَّيِّئَةِ فَلَا يُجْزَىٰٓ إِلَّا مِثْلَهَا وَهُمْ لَا يُظْلَمُونَ﴾ [الأنعام: ١٦٠]

***"Namni toltuun dhufe, isaaf (toltuu) fakkaattuu ishee kudhantu jira. Namni hamtuun dhufe, inni fakkaattuu ishee malee hin mindeeffamu. Isaanis hin miidhamanu."*** (Al-an'aam: 160).

﴿إِنَّ إِلَيْنَآ إِيَابَهُمْ ۝٢٥ ثُمَّ إِنَّ عَلَيْنَا حِسَابَهُم﴾ [الغاشية: ٧]

***"Deebiin isaanii gama keenyatti eegasi qorannoon isaanii nurratti tahee jira."*** (Algaashiyah 25-26)

04 **Assiraax-** yoo kaan jennu dildila ibidda jahannamirra diriirfe kan namni jannata seenu hundi isarra cehu jechuudha. kan warri ibiddaa isarraa itti gadi kufu jechuudha.

05 **Almiizaan-** jechuun Guyyaa qiyaamaa san keysatti miizaanni haqaa dhaabbateeti hojiin nama toltuufii hamtuun irra kaayamtee madaalamti jechuudha. yoo toltuun ulfaatte jannata seena. Yoo hamtuun ulfaattemmoo ibidda seena. Rabbi irraa nu haa tiysuu.

Ammas Rabbiin ni jedhe:

﴿فَمَن ثَقُلَتْ مَوَٰزِينُهُۥ فَأُو۟لَٰٓئِكَ هُمُ ٱلْمُفْلِحُونَ ۝١٠٢ وَمَنْ خَفَّتْ مَوَٰزِينُهُۥ فَأُو۟لَٰٓئِكَ
ٱلَّذِينَ خَسِرُوٓا۟ أَنفُسَهُمْ فِى جَهَنَّمَ خَٰلِدُونَ ۝١٠٣ تَلْفَحُ وُجُوهَهُمُ ٱلنَّارُ وَهُمْ فِيهَا كَٰلِحُونَ﴾
[المؤمنون: ١٠٢-١٠٤]

***“Namni madaalli (hojii gaarii) isaa ulfaatte, isaan sun warra milkaa’oo dha. Namni madaalli (hojii gaarii) isaa salphattes, isaan sun warra lubbuu isaanii hoongessan. Jahannam keessas yeroo hunda jiraatu. Ibiddi fuula isaanii ni gubdi. Isaanis achi keessatti fuulaa fokkatoota.”*** (Almu’uminuun: 102-104).

06 **Kitaaba hojii namaa ibsu keennamuu,** kana jechuun hundi namaa kitaaba hojii isaa ibsu kennama. Warri qajeele mirgaan fudhata. Sun jannata seena. Warri jallate bitaan duuyda duubaan fudhata. Sun ibidda jahannam seena. Rabbiin waayee kanaa dubbatee ibsee jira.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿فَأَمَّا مَنْ أُوتِيَ كِتَابَهُ بِيَمِينِهِ ﴿٧﴾ فَسَوْفَ يُحَاسَبُ حِسَابًا يَسِيرًا ﴿٨﴾ وَيَنقَلِبُ إِلَىٰ أَهْلِهِ
مَسْرُورًا ﴿٩﴾ وَأَمَّا مَنْ أُوتِيَ كِتَابَهُ وَرَاءَ ظَهْرِهِ ﴿١٠﴾ فَسَوْفَ يَدْعُو ثُبُورًا ﴿١١﴾ وَيَصْلَىٰ سَعِيرًا﴾
[الإنشقاق: ٧-١٢]

***“Namni galmee isaa mirga isaatiin kenname; Qormaata salphaa qoramuuf jira. Gammadaa gara maatii isaa deebi’a. Namni galmee isaa dugda duubaan kenname immoo; Badii kadhachuuf jira. Ibidda boba’aa seena.”*** (Al-inshiqaaq: 7-12).

07 **Jannataafii azaaba j**annatni ganda boodaa kan mu’imintootaati, bakka jiruu gammachuuti, qananiin guutame. Azaabnimmoo ganda qixaaxaati, mana ibiddaati, kaafiraafii jallattoota ajaja Rabbiifii nabii didaaniif qophofte. Rabbiin jannata nuuf haakennu ibidda azaabaarraa nagaya nuhaabaasu.



Rabbiin ol ta’e akkana jedhe:

﴿وَقُلِ الْحَقُّ مِن رَّبِّكُمْ ۖ فَمَن شَاءَ فَلْيُؤْمِن وَمَن شَاءَ فَلْيَكْفُرْ ۚ إِنَّا أَعْتَدْنَا لِلظَّالِمِينَ نَارًا
أَحَاطَ بِهِمْ سُرَادِقُهَا ۚ وَإِن يَسْتَغِيثُوا يُغَاثُوا بِمَاءٍ كَالْمُهْلِ يَشْوِي الْوُجُوهَ ۚ بِئْسَ الشَّرَابُ
وَسَاءَتْ مُرْتَفَقًا﴾ [الكهف: ٢٩]

***“Dhugaan Rabbii keessanirraa tahe (isinitti dhufe) abbaan fedhe haa amanuu abbaan fedhe haa kafaruu jedhiin, Dhugumatti, Nuti miidhaa hojjattootaaf ibidda dallaan ishee isaanitti marse qopheessinee jirra. Yoo birmachiifatanis bishaan akka rajaa (siicoo) danfeetti fuula quncisutu isaaniif kennama. Dhugaatichis akkaan fokkate! Hirkannaanis akkaan fokkate!”*** (Alkahf: 29).

Isaan lamaanuu amma ni jiru. Yoomuu immoo hin dhumanu.

Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿رَّسُولًا يَتْلُو عَلَيْكُمْ آيَاتِ اللَّهِ مُبَيِّنَاتٍ لِّيُخْرِجَ الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ مِنَ الظُّلُمَاتِ إِلَى
النُّورِ ۚ وَمَن يُؤْمِن بِاللَّهِ وَيَعْمَلْ صَالِحًا يُدْخِلْهُ جَنَّاتٍ تَجْرِي مِن تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ خَالِدِينَ فِيهَا أَبَدًا ۖ
قَدْ أَحْسَنَ اللَّهُ لَهُ رِزْقًا﴾ [الطلاق: ١١]

***“Ergamaa aayatoowwan Rabbii tan haqa mul’iftuu taate isinirratti qarau (isinitti ergine), akka warren amananii gaarii dalagan dukkanoowwanirraa gama ifaatti baasuuf (jecha ergine). Nama Rabbitti amanee gaariis dalage jannatoota jala ishee laggeen yaatu keessatti yeroo hundaaf hafoo taasisee isa seensisa. Dhugaatti Rabbiin isaaf soorata bareeche.”*** (Axxalaaq: 11).

## 06 Qadara dhuga'oomsuu

Qadaratti amanuu jechuun wanni namatti dhufu hundi gaariifii hamtuun isaatis Rabbumarraayi jedhanii, wanni nama tuqe namarraa hinmayxu, akkasuma wanni namrraa maqe nama hintuqxu jedhanii dhuga'oomsuudha.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿أَلَمْ تَعْلَمْ أَنَّ ٱللَّهَ يَعْلَمُ مَا فِى ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ ۗ إِنَّ ذَٰلِكَ فِى كِتَٰبٍ ۚ إِنَّ ذَٰلِكَ عَلَى ٱللَّهِ يَسِيرٌ﴾ [الحج: ٧٠]

***"Sila Rabbiin wantoota samiifi dachii keessa jiran hunda akka beeku hin beektuu? Dhugumatti, kun kitaaba (Lawhal Mahfuuz) keessa jira. Dhugumatti, kun Rabbi irratti laafaa dha."*** (Alhajji: 70)

### Walaloo utubaalee iimaanaa.

Jahan iimaanaa walbarsiisi.
Rabbiin jiraataa dhuga'oomsii. Tokkummaa isaatis mirkaneysii.
Ibaadaa tee isaaf qulqulleysii.
Itti amanii malaykaasaa.
Gabroottan gaggaarii ogeysaa.
Hedduu teysoon saanii samii keysaa.
Ittin dilaawan ajaja isaa.
Dhugaa kitaabni Rabbiin buusee.
Kan anbiyoota saa barsiise.
Qur'aana isaa hunda caalchisee.
Kan nabiin keenya aalamaan ibsee.



Itti amannee ergamtootaa.
Ilmaan namaatiif barsiistota.
Shirkii fageysan karaa fokkataa.
Towhiidan ibsan qalbii ummataa.
Dhuga'oomsi guyyaa qiyaamaa.
Yowmul hasrati wannadaamaa.
Guyyaa kaafamaa guyyaa galataa.
Jallaan azaabaa gaariin jannataa.
Qadara jaheysaan isaatii.
Gaariifii hamtuun waan dhufeetii.
Feedhii Rabbiitiif murtii isaati.
Katabee kaayee bekkomsa saatii.
Ihsaannis beekaagaa tolchuudhaa.
Ibaadaa Rabbii sirreysuudhaa.
Akka waan laaltee gartuutti gabbarii.
Ati arguu baattus si argaa barii.
Waan himneef daliilan dhiheysaa.
Hadiisa jibriil muslim keysaa.
Dhufee ol seene nama fakkaataa.
Fuul dura nabii taa'ee gaafataa
Uffanni adiidhaa rifeensaa.
Gurraacha gaarii dargaggeysaa.
Akhbirnii anil islaami jedhaa.
Nabiin tartiibaan deebisaa godhaa.
Yaarabbii guddaa nugargaarii.

Gaafii qabriidhaa aschaggaarii.
Ka'ati gargaartee deebii argataa.
Teenya nuuf godhii caffee jannataa.
Awwalamnaan ilmi namaatii.
Malaykaan lamaa itti buutii.
Man Rabbuka jechuun gaafatamaa.
Nabbiyyiifii diin isaas nihimaa.
Muiminni sirritti deebisaa.
Jallaan rifatee ija babaasaa.
Jawwedhaa nyaataa qurxaan tumamaa.
Muimintootaaf jannataa banamaa.
Dhugaoomsi guyyaa qiyaamaa.
Yowmul hasrati wannadaamaa.
Guyyaa kaafamaa guyyaa galataa.
Jallaan azaabaa gaariin jannataa.
Guyyaan qiyaamaa rifachiisaa.
Magan hammeenya isa keysaa.
Hoosiistuu ilmoo irraanfachiisa.
Tan garaa qabdus ilmoo irraa baasaa.
Mizaanni haqaa nidhaabbamaa.
Hojiin namaa nimadaalamaa.
Kheyriin ulfaannaan tasaa milkumaa.
Yoo haffallattee ibiddatti deemaa.
Kitaabaa niqoodan hundaafuu.
Hojiinsaa tokkos keysaan hafuu.



Mirgaan kennamaa warri jannataa.
Warri azaabaa bitaan fudhataa.
Way rakkoo nu eeggatu xaaxaa.
Irra cehuuf teenya siraaxaa.
Hokkon jahannam kaanis korrooxaa.
Kunis butamee itti gadi xiixaa.
Jannata teysoon mu'imintootaa.
Qananii miaawaadhaan guutaa.
Qal'aa sireewwan laggeen jannataa.
Rahmata keetiin nuuf kenni gooytaa.
Nyaataa dhugaatii qananiisaa.
Huural eyni fuudhan aruusaa.
Ee huurun maqsuuraatun filkiyaam.
Dueendulloomuu jiruu zalaalam.
Kufaarri niseena jahiimaa.
lugaamnisaa kum torbaatamaa.
Tokko malaaykaa kum torbaataama.
Harkisee fidaa dirree qiyaamaa.
Kufaraafi jallaa xamaamaa.
Hidhameeti itti darbamaa.
Beelaafii dheebuudhaanis gubamaa.
Hamiim dhuge zzaqquum nyaachifamaa.
Jahannamirraa uf fageysii.
Aqiidaaf ibaadaa sirreeysii.
Qabrii awliyaa jinniifii dhagaa.

Gabbaruu dhiisii qabadhu dhugaa.
Dhugaan sun towhiida Rabbiitii.
Ma’ina laa ilaaha illallaahuti.
Nabi muhammad ergaa Rabbiitii.
Jedhii hordofii karaa isaati.

Eegaa barnoota imaana kana baradhaa, aqiidaa tana qabdhaa.

Aqiidaa tana sirreysanii qabachuun, ummata muslimaa ni kabajji, niguddisti. akkasuma, aqiidaan tun ummata niqulqulleysiti, wal jaalachiisti, badhaadhina adduniyaaf aakhiraa gonfachiisti. Rabbiin s.w. akkana jedhe.

﴿وَلَوْ أَنَّ أَهْلَ ٱلْقُرَىٰٓ ءَامَنُوا۟ وَٱتَّقَوْا۟ لَفَتَحْنَا عَلَيْهِم بَرَكَٰتٍ مِّنَ ٱلسَّمَآءِ وَٱلْأَرْضِ وَلَٰكِن كَذَّبُوا۟ فَأَخَذْنَٰهُم بِمَا كَانُوا۟ يَكْسِبُونَ﴾ [الأعراف: ٩٦]

***“Osoo warrii magaalattii amanannii Rabbisodaatanii silaa barakaalee samiifii dachirraa isaanif banna. Garuu ni kijibsiisan waan isaan hojjataniin isaan qabne.”***
(suuraa a’iraaf 96)

ummata keenya aqiidaa tana jabeysaa qabadhaa. kunoo duula nama muslimaa jallisuudhaaf deemaa jiru nigartan. humnaafii tooftaa adda addaa tiin gargaaramee. Egaa wanni duula sheyxaana namaatiifii jinni kana ufirraa dhoowwaniin beekkomsa aqiidaati. aqiidaa baradhaa walbarsiisaa irratti jajjabaadhaa qabadhaa.



# IBAADAA FII HIIKKAA ISII

Beekaa dubbiin ibaadaa tun haalaan yaachistuudha. Amnuufii kafaruun namaa isirratti rarra’a. Jannataa fii azaabatti namni adda qoodamuunis sababuma isiitiini. Ammas yeroon amma keeysa jirru yeroo haalaan hamtuudha. Yeroo humnoonni farra islaamaa alarraa biyya teenya seenanii duula towhiida dhabamsiisanii shirkii babal’isuu ummata keenyarratti oofaa jiranii dha. Kana waan taheef waayee maalummaa ibaadaa Rabbii kana qajeellotti ummataaf ibsuun,barsiisuun, hubachiisuun haalaaan barbaachisaa taha. Anis jechoota xiqqa kana akka yaadachiisaatti afaan keenya kan namni keenya hundinuu hubaatuun katabee isiniin gaye. Akkuma mammaksatti namni waan harkaa qabu darbate soodaataa miti jedhan sanitti.

Ummata keenya! Ibaadaan tenya hundi Rabbuma qofaaf tahuu qabdi. Irraa qoodanii kan birootiif dabarsuu hintaatu. Abbaa fedheewu taatu, malaaykaa, anbiyoota, fi kkf tokkoleefuu ibaadaa godhuun hintaatu.

## Gosa ibaadaa daliilaan wajji

01 **Salaata-** salaanni ibaadaa Rabbuma qofaaf tahe. daliilli isaa qur’aanaarraa

﴿وَأَقِيمُوا۟ ٱلصَّلَوٰةَ وَءَاتُوا۟ ٱلزَّكَوٰةَ﴾

***"salaata dhaabaa zakaa kennaa."***

hadiisarraayis hedduudha beekamaadha.

02 **kadhaa-** Rabi qofaaf malee dhowwaadha-Ragagaan kanaa Qur'aanarraa

﴿وَأَنَّ ٱلْمَسَٰجِدَ لِلَّهِ فَلَا تَدْعُوا۟ مَعَ ٱللَّهِ أَحَدًا﴾ [الجن: ١٨]

***"masjidoowwan kama Allahaati. Allaahan wajji tokkollee hin yaammatinaa."***

hadiisarraa

قال رسول الله ﷺ: «**الدعاء مخ العبادة**». رواه الترمذي

**"Kadhaan dhuka ibaadaati."** tirmizii.

03 **Sodaan** ibaadaa Rabbuma qofaaf tahuu qabdi. Rabbiin s.w. akkana jedha

﴿فَلَا تَخَافُوهُمْ وَخَافُونِ إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ [آل عمران: ١٧٥]

***"Anuma sodaadhaa malee isaan (kaafira) hinsodaatinaa yoo mu'imintoota taatan."*** (aala imraan 175)

04 **kajeellaan** ibaadaa Rabbuma qofaaf taateedha, Rabbiin akkana jedha -

﴿فَمَن كَانَ يَرْجُوا۟ لِقَآءَ رَبِّهِۦ فَلْيَعْمَلْ عَمَلًا صَٰلِحًا وَلَا يُشْرِكْ بِعِبَادَةِ رَبِّهِۦٓ أَحَدًۢا﴾ [الكهف: ١١٠]

***"Nnmni milkii guyyaa qunnamtii Rabbii isaa kan kajeelu tahe, dalagaa gaarii haadalaguu, ibaadaa rabbi isaatiif godhu keysatti tokkollee akka hinqindeessine."*** (alkahfi 110)





Kunis kajeellaan dhugaadhaa- ibaadaa Rabbi hojjataa qeebalamiinsa kajeeluu, badirraa towbachaa araarama kajeeluudha. kanaan ala hojii malee jannata kajeeluun, fi badii itti fufaa araarama kajeeluun dhamaasuudha,jazbummaadh.

05 **Irkannoon** Rabbirratti malee dhowwaadha. Ragaan kanaa Qur'aanarraa

﴿وَعَلَى ٱللَّهِ فَتَوَكَّلُوٓا۟ إِن كُنتُم مُّؤْمِنِينَ﴾ [المائدة: ٢٣]

***"Allaah qofarratti irkadhaa yoo muimintoota taatan."*** (maaidah 23)

Ammas Rabbiin s.w. akkana jedha.

﴿وَمَن يَتَوَكَّلْ عَلَى ٱللَّهِ فَهُوَ حَسْبُهُۥٓ﴾ [الطلاق: ٣]

**"Nama Allaha irratti irkate inni gayaa isaati."**

06 **Kajeellaa,**

07 **Sodaa,**

08 **Uf gadiqabuu.**

kanneenis ibaadaadha Rabbuma qofaaf taati. Rabbiin s.w. akkana jedha

﴿إِنَّهُمْ كَانُوا۟ يُسَٰرِعُونَ فِى ٱلْخَيْرَٰتِ وَيَدْعُونَنَا رَغَبًا وَرَهَبًا ۖ وَكَانُوا۟ لَنَا خَٰشِعِينَ﴾ [الأنبياء: ٩٠]

***"Isaan toltuu hojjachutti kan jarjaran tahan, kajeelaa sodaachaa nu kadhatan, Nuuf uf gadi qaboo tahuu tura."*** (al-anbiyaa 90)

09 **Sodaan** Rabbuma qofaafi. Rabbiin s.w. akkana jedha

﴿فَلَا تَخْشَوْهُمْ وَٱخْشَوْنِي﴾ [البقرة: ١٥٠]

***"Anuma sodaadhaa malee isaan hinsodaatinaa."*** (suuratu-l baqarah 150)

10 **Deebiin gama** Rabbii qofa malee dhowwaadha. Ragaan kanaa Rabbiin s.w. Akkana jedha

﴿وَأَنِيبُوٓاْ إِلَىٰ رَبِّكُمْ وَأَسْلِمُواْ لَهُۥ﴾ [الزمر: ٥٤]

***"Gama Rabbii keysanii deebi'aa Isumaaf ajajamaa."*** (suuratu zzumar 54)

11 **Gargaarsifachuun** Rabbuma qofaani, Ragaan jecha isaa kana

﴿إِيَّاكَ نَعْبُدُ وَإِيَّاكَ نَسْتَعِينُ﴾ [الفاتحة: ٥]

***"suma qofa gabbarra, suma qofatti gargaarsifannas."*** (faatihaa5)

hadisattis nabiin keenya ﷺ akkana jedhan

قال رسول الله ﷺ: «**فإذا استعنت فاستعن بالله**».

***"yoo gargaarsifatte Rabbumatti gargaarsifadhu."*** ahmadii fii tirmizii tu baase.

12 **Tiyfamuun (maganfachuun)** Rabbuma qofaani Ragaan jecha Rabbiiti

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ ٱلنَّاسِ﴾ [الناس: ١]

***"Gooytaa namaatiinin tiyfama jedhi."*** (nnaas 1)

Akkasuma sifaata Rabbii kan akka haasawa isaa, guddina





isaa, ol aantummaa isaa, Dandeeytii isaa, jaalala isaa, fuula isaa kanneeniin tiiyfamuun maganfachuun ni dandayama. Ragaan hadiisota Nabiirraa dhufee jira.

«أعوذ بكلمات الله التامات من شر ما خلق».

**"jechoota Allaaha gutamtuwwaniinin tiiyfama hamtuu waan inni uumeerraa."** muslimtu galmesse.

Hadiisa birootti

«وأعوذ بعظمتك أن أغتال من تحتي».

**"guddina keetiinin tiiyfama jala kiyyatti gadi kuffifamurraa."** Ahmad fi nasaiitu odeesse.

13 **Dirmachiifachuun** Rabbiin malee dhowwadha. Ragaan kanaa Qur'aanarra

﴿إِذْ تَسْتَغِيثُونَ رَبَّكُمْ فَٱسْتَجَابَ لَكُمْ أَنِّي مُمِدُّكُم بِأَلْفٍ مِّنَ ٱلْمَلَٰٓئِكَةِ مُرْدِفِينَ﴾ [الأنفال: ٩]

***"yogguu Rabbii keysan dirmachiifattanii isiniif awwaate ani malaaykaa kuma tokko tan hiriirtuu taateen isin gargaaraadha(jedhee)."*** (Anfaal 9)

Aayanni kun guyyaa lola badrii nabiin keenya ﷺ yaa Rabbi naa dirmadhu waan naaf waadaa seenteen naatumsi jedhanii kadhannaan deebisaa sanirratti buufame.

14 **Qaluun (gorraasuun)** ibaadaadha Rabbuma qofaaf taate. Ragaan kana Qur'aanarraa

﴿قُلْ إِنَّ صَلَاتِي وَنُسُكِي وَمَحْيَايَ وَمَمَاتِي لِلَّهِ رَبِّ ٱلْعَٰلَمِينَ﴾ [الانعام: ١٦٢]

***“jedhi salaanni koo fi qaliinsi koo fii, jiruuntoo, fii duuti too Allahaa gooftaa aalamootaa tiifi. Shariikni isaaf hijiru.”*** (suuratul an’aam 162)

Hadiisarraa nabiin ﷺ akkana jedhe:-

قال رسول الله ﷺ: «**لعن الله من ذبح لغيرالله**». رواه مسلم

**“Nama Rabbiif malee kanbirootii qale Rabbiin abaare.”** muslimtu baase.

15 **qodhaa godhuun** ibaadaadha Rabbuma qofaaf tahuu qabdi. Daliilli Qur’aanarraa

﴿يُوفُونَ بِٱلنَّذۡرِ وَيَخَافُونَ يَوۡمٗا كَانَ شَرُّهُۥ مُسۡتَطِيرٗا﴾ [الإنسان: ٧]

***“Qodhaa niguutan, guyyaa hamtuun isaa facaatuu taates ni sodaatan.”*** (insaan7)

Dhumarratti ibaadaalee dubbanne tanaafii tanbirootis Rabbuma qofaaf qulqulleysuu qabna. walbarsiisuu nu barbaachisa. wanni nama yaachisu namni hedduun Rabbi dhiisee makluuqa gabbara. sun addunyaaf aakiraa kasaaree jira, Fk/qabroota awliyaa, jinni, muka, galma, hadraa, oofaa fi kkf nii,-qaluunn, kadhachuun, barakaa irra barbaaduun, shirkiidha. jahanam nama sensifti.Irraa uf eegaa!




# TOWHIIDAAFI QOODA ISAA

Yaa muslimtoota! Barnoonni Towhiidaa (Tokkummaa Rabbii) Irra caalaa barnoota hundaati. Towhida dhugaoomsuun, barachuun, barsiisuu fii itti nama gorsuun dirqama islaamaa kan duraati. towhindi bu’ura amantiin isarratti dhaabbattu. Ajajni Rabbii kan duraa towhiida.

## Towhidni qooda sadihi qaba.

توحيد الربوبية، وتوحيد الألوهية، وتوحيد الأسماء والصفات

**Isaanis towhiida goytummaa, towhiida gabbartii, towhiida maqaaleeti fii sifaataati. kanneen keeysa towhiida maqaaleefi sifaataa amma balinaan laalla.**

## Towhiida maqaalee fii sifaataa yommuu jennu

Rabbiin maqaalee gaggaarii ittiin isa kadhatan qaba. maqaalee akka isaa tokkolleenuu hinqabu, jennee dhuga’oomsuudha.

Akkasuma sifaata Rabbii ni sabachiisna (mirkaneysina) itti amanna. Sifaata Rabbiin ufiin dubbatetti fii tan nabi Muhammed ﷺ hadiisatti Rabbiin wassafe hundatti ni amanna.

نؤمن بجميع ما وصف الله به نفسه في كتابه ووصفه به نبيه صلى الله

عليه وسلم نؤمن بها من غير تحريف ولاتعطيل ولاتشبيه ولاتكييف,نثبتها كما جاءت على ظاهرها حقيقة

Sifaata Rabbii hunda Rabbiif sabachiisuu qabna. jallisuufi qulleysuun maletti, fakkeysuufi akkaateysuun maletti. sifaata Rabbii kanneen asii gadii kana hunda akkuma dhufetti rabbiif sabachiisuufii itti amanuun dirqama.

01 **Ol tahiinsa Rabbii-** Rabbiin uumaa isaatii olitti oltahuu isaa nidhuga'oomsina, niamanna.

02 **Beekkomsa Rabbii-** Rabbiin waa hunda beekaadha.

03 **Dhageettiifii argaa Rabbii-** Rabbiin dhageytiifii argaa isaan malte ni qaba jenneeti amanna.

04 **Jaalala Rabbii-** Rabbiin muimintoota isaa nijaalata.

05 **Araaramaafii rahmata Rabbii-** Rabbiin ni'araarama rahmatallee nigodhaa ni amanna.

06 **Dallansuu Rabbii-** Rabbiin nijaalataa nijibbaa, nidallana nilolas ni dhuga'oomsina.

07 **Dhufiinsa Rabbii-** Rabbiin gabroottan isaa jiddutti murtesuuf guyyaa qiyaamaa dhufiinsa isaan malu nidhufa

08 **Fuula Rabbii-** Rabbiin fuula isaan malu niqaba.

09 **Harka Rabbii-** Rabbiin harka lameen isaan maltu niqaba.

10 **Ija Rabbii-** Rabbiin ija isaan maltu niqaba.

TOWHIIDA UTUBAALEE ISLAAMAA FII IIMAANAA



11 **Arshirratti oltahuu Rabbii-** Rabbiin arshii isaarratti ol taheejira, zaata isaatiin, haqiiqumaan. oltahiinsa isaan malu kan wahitti hinfakkeyfamne. Arshirratti oltahuu isaa kana Rabbiin Qur'aana isaa keysatti bakka 7tti dubbate. bakken sunis kunoo kanneen kana.

﴿إِنَّ رَبَّكُمُ ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [الأعراف: ٥٤]

﴿إِنَّ رَبَّكُمُ ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [يونس: ٣]

﴿ٱللَّهُ ٱلَّذِى رَفَعَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ بِغَيْرِ عَمَدٍ تَرَوْنَهَا ۖ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [الرعد: ٢]

﴿ٱلرَّحْمَٰنُ عَلَى ٱلْعَرْشِ ٱسْتَوَىٰ﴾ [طه: ٥]

﴿ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [فرقان: ٥٩]

﴿ٱللَّهُ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ وَمَا بَيْنَهُمَا فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [السجدة: ٤]

﴿هُوَ ٱلَّذِى خَلَقَ ٱلسَّمَٰوَٰتِ وَٱلْأَرْضَ فِى سِتَّةِ أَيَّامٍ ثُمَّ ٱسْتَوَىٰ عَلَى ٱلْعَرْشِ﴾ [الحديد: ٤]

Akkasuma hadiis heddutti waan dhufeef ni dhuga'oomsina. oltahiinsa isaanmalu, kan akkaataan isaa hinbeekamne, kan wahitti hin fakkeyfamne jenna.

Arshirratti oltahuu isaa hinmorminu, jecha Rabbii s.w. bakkarraa hin jallisnu, hikkaa isaa hinmicciirru, akka garee jallatte tan jahmiyyaa fii ahbaashitti.

warreen waswaasa jallinaa kan warra kalaamaa Qabachuudhaan aayatoota sifaataa jallisan nimormina.

Rabbiin kan isarra isa beeku hinjiru waan taheef jechuma isaati qabanna.

Akkasuma Rabbiin uumaa isaa takkattillee hinfakkeysinu.

12 **haasawa Rabbii-** Haasawa Rabbiitti niamanna. qur'aanni haasawa Rabbiiti isumaatu dubbate, Isumaatu buuse, hundii isaa dhugaadha. Qur'aanni uumamaa miti. Gareen jallatte (Ahbaash) qur'aanni jecha Rabbiitii miti jettu niabaarra. nimormina.

## Walaloo Towhiidaa

akeekkadhaa hundi namaatii.

Sadihi dameen towhiidaatii.

Rubuubiyya kaaliqumma saati

kan hunda uumee kophaa isaatii

jahannamirraa uf fageysii.

hojjadhu ibaadaa sirreysii.

qabrii owliyaa jinniifii dhagaa

gabbaruu dhiisii qabadhu dhugaa.

dhugaan sun towhiida Rabbiitii.

mainaa laa ilaaha illaLlaahutii.



Nabi muhammad ergaa Rabbiitii

jedhii hordofii karaa isaatii.

akeekkadhaa hundii namaatii.

sadiihi dameen towhiidaatii.

rubuubiyya kaaliqummaa saatii

kan hunda uumee kophaa isaatii.

kuun gabbaramaa haqaa tahuu.

ibaadaan isaaf qulqullaawuu.

ajaja isaa qalbiin dhagahuu.

walaa ta'ibuduu illaa iyyaahuu.

qoonni towhiidaa kan sadeysaa.

asmaa'aaf sifaataa dhageysaa.

jedhe faliLlaahil asmaaul husnaa.

fad'uuhu bihaa ittiin milkoofnaa.

Ilaahii Rahmaanu Rahiimuu.

Malikuun Qudduusun Salaamuu.

jennee yaa Gafuur nuu araaramuu.

khaatimaa tollee shahaadaan deemuu.

Ilaahii Aliimun Hakiimuu.

taqwaaf hidaayaa nutti arjoomuu.

zaalimtoonni diin balleysuu deemuu.

kasaaree kufee badee dhabamuu.
garee ahbaashaa diin balleysa.
abbaan irree godheef gargaarsa.
dirqamaan filee humnaan leenjisaa.
waliqqooyti a'oon waraabeysaa.
yaa kan oltahee arshii isaarraa.
rahmata raabsee harka isaarraa.
nurraa dhowwi kufrii zaalimiinaa.
nuufidi nasrii diin keenya kanaa.



# SHIRKIIN BADII GUDDOODHA

﴿إِنَّ ٱللَّهَ لَا يَغۡفِرُ أَن يُشۡرَكَ بِهِۦ وَيَغۡفِرُ مَا دُونَ ذَٰلِكَ لِمَن يَشَآءُۚ وَمَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدِ ٱفۡتَرَىٰٓ إِثۡمًا عَظِيمًا﴾ [النساء: ٤٨]

Rabbiin ol tahe akkana jedhe ***"Allaah isatti qindeessuu hin araaramu, waan sanii gadii (balleessarraa) abbaa barbaadeef ni araarama, namni Rabbitti qindeesse dhugaa kijiba guddaa kijibee jira."***

﴿وَمَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدۡ ضَلَّ ضَلَٰلَۢا بَعِيدًا﴾ [النساء: ١١٦]

Rabbiin ol tahe akkana jedha ***"namni Rabbitti qindeesse dhugumaan jallina guddaa jallatee jira."***

﴿إِنَّهُۥ مَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَقَدۡ حَرَّمَ ٱللَّهُ عَلَيۡهِ ٱلۡجَنَّةَ وَمَأۡوَىٰهُ ٱلنَّارُۖ وَمَا لِلظَّٰلِمِينَ مِنۡ أَنصَارٖ﴾ [المائدة: ٧٢]

Rabbiin ol tahe akkan jedha ***"egaa nama Rabbitti qindeessu Rabbiin jannata isarratti haram godhee jira.qubannoonni isaa ibidda, roorristootaaf tumsaan hinjiru."***

﴿وَمَن يُشۡرِكۡ بِٱللَّهِ فَكَأَنَّمَا خَرَّ مِنَ ٱلسَّمَآءِ فَتَخۡطَفُهُ ٱلطَّيۡرُ أَوۡ تَهۡوِي بِهِ ٱلرِّيحُ فِي مَكَانٖ سَحِيقٖ﴾ [الحج: ٣١]

Rabbiin oltahe akkana jedhe ***"namni Rabbitti qindeessu akka waan samirraa gadi darbameeti kan allaattiin isa bubbuttu yookaa kan qilleensi bubbeen bakka fagotti isa darbitu."***

Shirkii jechuun Rabbiin wajjiin waan gabbaran godhachuu jechuudha.

fakkeenyaaf qabroota, qubbii, dhagaa, muka, galma, hadraa, oofaa, fii kkf, hunda itti deemanii kadhachuun, haajaa itti himachuun, barakaa irra barbaaduun, shirkii guddoo islaamarra ala nama baaftudha. keysaawu Qabroota awliyaa maqaa jedhuun moggaafamee, Qubbiin iraatti jaaramee gabbaramu hedduutu jira. Qubbileen kuni akka taabotaatti Rabbii gaditti gabbaramaa jiran. Namoonni hedduun itti yaa'ee gabbaraa jira. Ka ilmoo dhabe ilmoo kadhata, kuun qabeenya kadhata, kuun fayyaa kadhata, kuun umrii dheerina kadhata, kuun rooba kadhata. Kuun gargaarsifannaa fii dirmachuu barbaacha dhaqa. kkf gosti ibaadaa hundinuu warra qabrii saniif godhamte.

Akkatti warri shirkii guutumaan guututti Rabbitti kafare.

Kunoo jecha shirkii keessaa namni gariin kan qalbiin isaa shirkiidhaan dukkanooyte yeroo muuda shekhuseen irraa galaaf ka'e dibbee dhayee akkana jedhee shubbisuutu jira.

**Galaaf kaanee Roobaan nu geegessa'aa.**

**Bahra keenya umrii nu dheeressa'aa**

subhaanaLlaah! Rooba roobsuufii umrii dheeressus qabrii bahra jedhee gabbaru san kadhate. Kaafira hamaa mushrika jallataa badaa! Rabbumaawu hinbeeku. Qabrima san akka taabotaa godhatee gabbara. Bahri isaa waa isa hindhagayu. Osoo dhagayellee waa isaaf hin awwaatu. Mataa isaatiifuu uf fayyaduu hin dandahu. Ufii isaatuu umrii hindheeressine.





Ni du'e. roobas waa roobsuu hin dandayu. akka ummata kanaatti Rabbi nuhin jallisin.

Kunoo jecha shirkii keessaa Kan birootis akki jedhee shubbisu.

**Salaam aleyka huseyniyyaa.**

**Salaam aleyka abbaa kiyyaa.**

**Osoon siyaamu lukkuun iyyaa.**

**Sumaan jiratte lubbuun tiyyaa.**

Kunoo jecha shirkii keessaa Kuni ammoo huseyniyyaa inni gabbaru santu lubbuu isaa jirachisa jechutti amaneeti gabbaraa ibaadaa godhaafii jira.

**Kuunis akki jedhe**

**Sheylillaa yaa bahrawoo**

**Sheylillaa yaa bahrawoo**

**bahra jaalalloon jetteen as jirraa nulaalawoo.**

Kanbirootis akki jedhe

**nulaalaa isin rabbillaalee.**

Kunoo jecha shirkii keessaa Kan birootis akki jedhe.

**sayyida koo ani sumaan faarsaa**

**atummaan naaf tahi gargaarsaa**

Akka kanatti ummanni hedduun kafaree karaa dukkanaa deemaa jira. qabrootaa fii qubbiiwwan kanaaf gosti ibaadaa hundi godhamaa jira. Qabriin xawaafuun isiif sujuuduun, isiif qaluun, kadhachuun, dhungachuun, biyyee isii (jawaara)

nyaachuufii dibachuun waan bal'inaan achiti dalagamu irraayi. Kuni hundinuu shirkii guddoo nama kafarsiiftu. Akkasuma gosa shirkiirraa muuda deemuu, lillaata qabrirratti bahuu, buna qaluu, buna mataa dhiquu , killa qaluu, masqala qaluu, ateetee facaasuu, waan afaan bekaa gabbaruu, kadhaa roobaatiif qabrirratti bahuu, asheetaan qabriifii hujubatti bahuu, ciincaa warra qabrii hujubatti qaluufii, kkf hundii shirkii guddoo islaamummarraa ala nama baaftuudha.

Mowlida kabajna jedhanii walitti qabamanii dibbee tumanii shubbisuu, manzuumaa dhawuu fii kkf obboleyyanuma shirkiiti. bid'aa jallinaa tan dilii guddoo taate irraayi. tanaafuu haalan irraa fagaachuu barbaachisa.

kana hundaafuu shirkirraa fagaadhaa! Warri dhama'ee ijji isaanii jaamtee, gurri isaanii duude, kan amma haarawatti shirkitti nama yaamu (Ahbaash) isin hinjallisin, ufirraa eegaa,

Ahbaash hoomacha, hoomachi daddafeeti dhabama. muslimni haqaa akka bishaan xaliilaati. nijiraata, nitura, injifannoon tan warra haqaati. dukkana boodaan bariitu jira, akka yuuseenis waa nama hinnyaatu! Tanaaf diinirratti ciniinnadhaa oobsaa! Rabbi isin haa gargaaru! Dhumarratti

Warra diin isaa baratee walbarsiisee sirritti itti dalagee jaalala Rabbii argatu nuufii isinis Rabbi nuhaa godhu. dalagaa hunda Rabbi nurraa haaqeebalu.

والحمد لله رب العالمين

وصلى الله وسلم على نبينا محمد وآله وصحبه أجمعين.

IslamHouse.com
IslamHouseOr IslamHouseOR/ islamhouse.com/or/
IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com
GUIDE TO ISLAM

contact us :Books@guidetoislam.com
GuidetoIslam.org Guidetoislam1 Guidetoislam www.Guidetoislam.com

المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة
هاتف: ٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠+ فاكس: ٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦+ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧
ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH
P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126